# *Mooticha Jibbame*

. . .har'a ulfinni Gooftaa karaa tajaajila Sagalee keessaan nurra in dhufa. Innis. . .

2 Torbee darbe kana, haalli qilleensaa xiqqoo gaarii natti hin turre. Kallattiin haala qilleensaa jechuu koo miti; qoratamuun narra ture, qorannoo qaamaa gochuun qaba ture. Wanti isin dhageessanis kanuma, innis ani hospitaala keessan ture. Sababni ani achi deemeefis lagicha ce'uun dedeebii akka natti hin taane yaadeeni. Sirna bullaa'insa nyaataa gubbaa, fi sirna bullaa'insa nyaataa jalaa ilaalu. Akkasumas, daqiiqawwan muraasa, isaan deebi'anii ammas raajii ilaaluu qabu. Garuu ji'a ja'a ja'aan, ergama biyya alaa kan raawwannu yoo ta'e, dhuguu qabna. Obboleessi Roobartis fi isaan, akkan yaadutti, ji'a ja'a ja'aan dhugu. Ani garuu waggaa afuritti tokko hin dhugu.

3 Rakkinni isaa, ani zayitii qobboo sana hin jaalladhu, sana qofa. Isaanis bakka isaa wanti baraa kennuu danda'an akka hin jirre dubbatu, kanaaf ani, oo, yeroo isaan sana naaf kennan baay'ee na dhukkuba. Beektuu, seenaa jireenya koo keessatti, wanti sun akkam akka na dhukkubsu, isinitti himeera. Ani immoo—qofa waan sana fudhachuu nan jibba. Anis hiriyaa koo Doktara tola qabeessaan akkasin jedhe, waan. . . "Wanti biraa hin jiruu?"

Innis, "Obboleessa Biraanhaam, natti hin fakkaatu" naan jedhe.

4 Oo, dubartittiin gaafa fiddee dhuftu, tarii baay'een guddise, natti fakkaate, garuu, gara litira tokkoo fakkaata. Inni—isa ture. . . Ani hanga kana argee hin beeku. Qofa afaanii fi funyaan koo haguuggee qabeen ture. Garuu dhuma irratti gadin buusee.

5 Amma garuu, qorumsa hundumaa keessatti, hundi erga darbee, qorannoo guutuuf Gooftaa galateechuun barbaada. Harka hibba irraa dhibba, darbeera, addunyaan deemuu barbaadu kamuu deemuu nan danda'a. Doktoroota ispeeshaalistii, Luwiisvil keessa jiran keessaa warra—ciccimoo jedhee yaadu, sana, sadii nan gaafadhe. Akkas jedheen, isaan gaafadhe, "Yoo xiqqaate dhibbeentaa kudhan qaama miidhamaa dhaa?"

6 "Ati miidhama qaamaa tuqaa tokko hin qabdu," naan jedhan. Ati—jedhan, "Karaa hunda, fayyaa guutuu dha." Waaqayyoon baay'een galateeffadha. Abbaa keenya Waaqarraa malee eenyu biraa dhufuu danda'a, argitanii, akkas ta'uu isaa?

7 "Achi keessatti, sochiin kee. . . Hundi, dargaggeessa ta'uu kee agarsiisa," naan jedhe. "Seeliin dhiiga kee illee caccabuu hin

eegalle, ykn waan tokko," naan jedhe. "Obboleessa Biraanhaam, ati dhaabbii baay'ee gaarii keessa jirta," naan jedhe.

Anis, "Tole, baay'ee gammadeera" jedheen.

8 Hospitaala keessatti doktoroota, fi narsoota hundatti carraa dhugaa ba'uu akkasumas dubbachuu argadheera, gara Mootummaa Waaqayyootti. Ogeessi fayyaa tokko immoo, ganama kana asitti argama jedheen yaada. Anis—ammallee . . . Namoonni gaariin addunyaa kanarra akka jiran beekuun na gammachiisa, Namoonni guyyaa shaniif qorannoo qaama keessaa naaf taasisan, namoota dhugaa dha, tarii tokkoon tokkoon isaanitiif doolara dhibba lama ykn sadii nakaffalchiisuu danda'a ture. Yeroon yaalamee xumuru, "Gumaacha ati hojii Goftaa hojjettuuf, kan goonu dha," naan jedhan. Argitanii? Eeyyee. Sirumaa iyyuu . . . Isaan, "Maaliif, nuuf kaffaluu yaadde, nu qaanfachiifte." "Qofa kadhannaa nuuf godhi," jedhan!

9 "Keessa keenyattis," jedhan, "nuyi hubachuu kan hin dandeenye miirri ta'e tokko jira." Anis . . . "Inni . . . akkas—hin fakkaatu . . . " Innis, "Qaama alaa irratti, dhiphinni ykn jeequmsi hin mul'atu jedhe. Garuu," "keessa kee, miirri wayii nuyi hubachuu hin dandeenye jira," jedhe.

10 Anis, "Ati yeroo muraasa teessee yoo na gaafatte, sittan hima" jedheen. Anis waa'ee mul'awwanii dubbachuun jalqabe. Inni isaaniif waan haaraa ture. Isaan homaa hin beekan. Ani waa'ee Macaafa Qulqulluun isaanitti hime. Achiis waa'ee mul'ata Gooftaan kana dura natti agarsiise sanan isaanitti hime, isaanis akka ijoolleetti boo'an. Achuma taa'anii boo'an. Anis . . . isaan . . . akka, "Anaan akka maraatu amanaa tokkootti ykn waan akkasiitti akka na hin yaanne abdiin qaba" jedhe.

11 Tokko, "Dhuguma, Obboleessa Biraanhaam. Garaa koo guutudhaan sin amana" jedhe. Innis, "Garuu waan tokko qofa jechuun barbaada: Ati wantoota kana barachuuf gara mana barumsaa hin deemtuu" jedhe. Anis, "Waaqa Hunda danda'u biraa akka dhufan nan amana" jedheen. Isaan sadan ogeessota fayyaa filatamoo Luwisviil keessatti argaman keessaa, jiru kan jedhamani dha. Kanaaf, anis, baay'een gammade, Gooftaan sanyii achitti dhaabuuf naaf eeyyamaa akka jirus nan beeka ture.

12 Tokkoon tokkoon narsii, wajjin nan dubbadhe. Isaaniin, ganama tokko, kutaa eksi-rayii osoon ba'uu, akkasin jedhe . . . Jaartii hiyyeettii tokkon arge. Baay'ee dhukkubsattee turte. Akkasumas hangan ishee bira ga'utti, gadi bu'uu ittan fufe. Waan du'aa jirtu natti fakkaate. Anis, "Obboleettii, gaaffii tokko si gaafachuun barbaada" jedheen.

Isheenis, "Nagaafadhu, fira koo" jette.

Anis, "Ati Kiristaanaa" jedheen?

Isheenis, “Ani miseensa waldaa *ta’e* tokko” jette.

13 Anis, “Sana caalaatti xiqqoo siif ifan godha” jedheen. “Kiristaana—dhugaa ta’uu kee, Kiristaana ta’uu kee baruun barbaada. Sunis, ati galana jireenya kana ceetee, gara Biyya biraatti deemuu kee, Isa ni jaallattaa?” Anis, “Dhugumaan ni fayyitaa” jedhe?

Isheenis, “Eeyyee, fira koo. Ani nan fayya” jette.

14 Anis akkasin jedhe, “Waaqayyo garaa kee haa eebbisu. Erga akkasitti amantee, qilleensichi karaa fedhe haa bubbisu, sana booda ati nagaa jirta.”

15 Osoo naannofnee ilaallee, ammas namoota gaarii ta’an baay’en biyya lafaa keessa jiru.

16 Har’a, yeroo xiqqoo booda, ani mul’atan isinitti himu qabadhee dhufeera. Anis, jalqaba, waa’ee Sagalee dubbachuun barbaada, ’sababni isaa Sagalichi baay’ee barbaachisaa akka ta’e nan amana, amma hunda caala barbaachisaa dha. Chaarlii Kooksi, fi, obboleessa koo, hiriyaa koo achi wajjin dhaabbanii, arguun koo na gammachiisa. Obboleessa, hin yaadadhu. . . Jeefiriis, maqaa isaa yaadachuu hin dandeenye. Obboloonni qaaliin baay’een keessan Joorjiyaa irraa, kutaa biyyattii adda addaa irraa dhuftan. Hiriyaa koo durii, Biil, ganama kana, as taa’aa ture, isuma jedheen amana. Akkasumas—baay’een. . . Obboleessi Joorjiyaa irraa dhufe natti mul’ata, namoota uffata kana naaf kennani dha. Beektuu, kun—jireenya koo keessatti uffatan uffadhe keessaa isa gaarii dha. Baay’ee mijataa dha, dhuguma baay’ee gaarii dha. Isiniif iddoo olaanan qaba. Guyyoota muraasa darban kana keessa, waan na muudate yoon isinitti himu, naaf, hiika guddaa akka qabu ni argitu.

17 Amma, nan amana, Gooftaan yoo jedhe, jireenya koo keessatti yeroo kamuu caalaa, lola cimaa ta’e loluun barbaada. ’Sababni isaas, amma yoo naaf galu. . . Dhuguma, har’a du’uu nan danda’a. Kana jechuun, hin beektamu. Elektiroo-kaardiyoogiraamonni koo fi waan hundumaa, eksi-rayii gosoota kudha ja’a, eeyyee, qorannoo qaamaa guutuu, ani. . . akkuma nama kamii akkuma nama lafa irra jiruu fayyaa akkan ta’e, agarsiiseera. Kanaaf nan galateeffadha. Garuu, wantoonni hundi, keessumaa sun hundi, sana ani, Waaqayyoon nan galateeffadha nan jajadhas, ammayyuu Inni tajaajila Isaa keessatti akka na eegu nan amana, kunis Inni wanta yeroo muraasan dura natti agarsiisee miti, argitanii, qafa baay’ee gammadaa na taasise.

18 Amma, akkan yaadutti, galgalli kun. . . Hunduu nagaa dhaa? [Obboleessi Neeviil akkas jedhe, “Eeyyee, fira koo.”—Gulaalaa.] Obboleessa keenya—qaalii—namni ofittummaa hin qabne yoo jiraate, Obboleessa Neevil—dha. Akkasumas namni Dilbata darbe as turee fi ergaa ajaa’ibaa inni fide kan dhaga’e yoo jiraate, “dhadhaa ejersaa cuggee” kan jedhu, ergaawwan baay’ee

ajaa'iba ani hanga ammaatti dhaga'e keessaa, tokko-. . .kan Obboleessi Neeviil fide dha, Hafuura Qulqulluudhaan, Dilbata darbe, tuuta hoolota xiqqoo kana Waaqayyotu walitti qabe.

19 Gooftaa, Obboleessa Neeviil, fi waldaa wanta gammachiisu yoo hojjetan, Galgala kana barnoota haaraa itti fufu jalqabuun barbabaada, achii, Wiixata galgala. . .Jechuun koo, Dilbata galgala, Roobii galgala, Dilbata itti aanu, barnoota itti fufaan kanan qu'adhe isinan barsiisa.

20 Ani achi hospitaala sana keessa turuu hin qabu ture. Garuu isaan anaaf baay'ee gaarii turan, gatii kutichaa keessaa tokko-sadaffaa qofa na kaffalchiisani. Kanaaf Macaafa Qulqulluu fudhadheen, macaafota koos, sirees qopheessee, hundumaa achitti qopheessee kaa'ee, achi taa'ee Macaafa Qulqulluu koo fi wantoota biraa dubbisuun eegale. Isaan hanga zayitii kaastarii sana naaf fidanitti, yeroo gaariin qaba ture. Yeroon koo gaariin achitti dhume, ani—yeroo sanan fixe. Garuu, Obboleessa Paat, dhuguma na dhukkubee ture. Wanta sana, ani irraa hafuu hin danda'u. Ani, guyyaa sadan ykn arfan jalqabaa, garuu yeroo gaariin dabarse. Ani yeroo gaariin dabarsaa ture.

21 Anis Macaafa Efeesoonin qu'achaa ture. Oo, sun walitti qabama Waldaa yeroo taatu! Anis waan bareeda jedheen yaada.

22 Isinis—amma, walda deemtan, yoo qabaattan, kallattiin dhaqaatii dirqama keessan irratti argama. Garuu waldaa hin qabdan yoo ta'e, galgala kanas, Roobii galgalas, Dilbata galgalas deebitanii dhufuu yoo feetan, ani barsiisuun barbaada, galgala kana, Macaafa Efeesoon 1ffaa, Roobii galgalas, Efeesoon boqonnaa 2ffaa, Dilbata dhufu, Efeesoon boqonnaa 3ffaa, Waldaa sirreessuun barbaada. Maal jechuu akkan barbaade beektu, Inni—Inni ishee, iddootti deebisuu dha. Waldittii, sirriitti-ijaara jedheen yaada.

23 Miti. . .Ani—qofa kana warra Godoo Qulqullaa'aa Biraanhaam dhufaniifan dubbadhe.

24 Hundi keessanuu obboloota koo qaalii dha. . .Garii keessan nan beeka, akkan yaadutti, waltajjiiwwan qabdu. Obboleessi keenya hiyyeessi Saalirsibargii jiraata, namoonni—adda addaas, walga'iiwwan qabu. Amma, ilaalaa, waltajjiin isaanii haaromsa dha. Isaanis hordofaa. Isaan kun achii ba'anii, hanqinaan kan dhaabbatan, dargaggoota tajaajiltoota Kiristoosi dha. Waldaan isaanii yeroo Dhugicha ganan, wantoonni akkasiis yeroo uumaman, isaan battalumatti dhiisanii deeman. Waaqayyos gara tajaajilaatti isaan waame. Eeyyee, fira koo. Namni—ani ajaa'ibsifadhu tokko jira. . .Maqaa isaa hin yaadadhu. Garuu inni hiriyaa bareedaa, gaarii, hiriyaa-miidhagaa, haadha manaa jaallatamtuu fi ijoollee qaba.

25 Obboleessi kan biraan—Juunii Jaaksan innis waltajjiiwwan muraasa gochaa tureera, kunis ajaa'iba kan biraa, badhaasa ayyaana Waaqayyoo ti. Waldaawwan keessan keessattis yeroo

haaromsa raawwatan, kallattiin gara isaanii dhaqaa, sababni isaa sun waan. . .gochuu qabdani dha. Sababni isaa, maaltu beeka, cubbamaan tokko tarii gara aarsaatti dhufa ta'a, isinis nama sana gara Kiristoositti geggeessuuf barbaadamtaniittu ta'a, sunis karaa biraa badhaasa keessan isa guddaa dha.

26 Kun immoo barsiisuu fi Waldaa sirreessuuf, godoo qulqullaa'aa kana keessatti, nu gargaaraa jira.

27 Amma, ani sa'aatii koo hin finne, kanaaf namni tokko sa'aatii naaf laala. Doktar akka natti agarsiisetti, inni qaba, kanaaf, obboleessi koo naaf laala. Kanaaf amma. . .[Obboleessi Eedgar "Doktar" Biraanhaamiin, "Baay'ee sin kaffalchiisu" jedhee, sa'aatii isaas Obboleessa Biraanhaamiif kenne—Gulaalaa.] Baay'ee na hin kaffalchiiftuu? Tole. Tole, amma, sun sirrii dha. Tole, amma, jalqabuma irraa, ani kaffaltichi sirrii dha jedhee hin amanu. Kanaaf. . .["Galatoomi. Ani waa'ee kee waanan dubbadhu tokko qaba."] Amma, oo, oo, sh, sh, sh, sh. ["Har'a ganama, guyyaa dhaloota koo, si gammachiisuuf, saantimoota kudhan hambiseen ture."] Dhugaadhaa? Amma sun. . .Erga akkas ta'ee sa'aatiin kun baay'ee fooyya'eera, Doktar. Na gammachiisuuf, guyyaa dhaloota isaa, saantimoota kudhan akka hambise natti himaa jira, 'sababni isaa anaa fi isa gidduu garaagarummaa waggaa lamaa ykn sadiitu jira. Kanaaf eessa akkan ga'e beekuu dandeessu, karaa irran jira. Garuu, oo, kun baay'ee, nan yaachisu. Amma, baay'ee dheeraa hin dubbadhu.

28 Amma, keessummoonni balbala keenya dura yoo jiraattan, gammachuun garaa keenya guutuu isin simanna. Isin baga gara godoo qulqullaa'aa xiqqoo kana nagaadhaan dhuftan. Gamoo baa'ee hin qabnu. Amma gamoo ijaaruuf sagantaa qabna, bakka guddaa hin qabnu, garuu qofa. . .Inni kun baay'ee dulloomera. Nutis asitti waldaa bareedduu xiqqoo namatti toltu ijaaruuf jirra, ariitii nuuf danda'ameen. . .Gooftaan yoo nuuf eeyyamu ni ijaarra. Baay'een keessanis kanaaf dhamaatii gochaa jirtu, kanaaf immoo baay'ee isin galateeffanna.

29 Amma ganama kana, na wajjin Saamu'eel 1ffaa boqonnaa 18ffaa, baaffattanii dubbiftan, nan barbaada, tarii immoo, qabiyyee barreeffama xiqqoo baafachuuf, mee lakkoofsa 19 irraa haa eegallu, lakkoofsota 19 fi 20 irraa haa eegallu.

30 Amma, akkuma bantaniin, ni. . .Dubbifna, sana booda immoo gara kaadhannaatti ceena. Akkasumas ganama kana, "Kadhannan na yaadadhaa" kan jedhan, gaaffiiwwan jiru ta'aa? Torbee lama, ykn sadii, dura wal ga'iiwwan darban, yeroo ani wal ga'ii gochaa turetti. . .Akkas jechaa, nuti. . .

31 Karaa biraatiin, osoo luqqisii baasaa jirtanii, walga'ichi Chootaakuwaatti sa'aatii, 6 irraa eegala. Yeroo gaarii Miidiltaawon, Ohiyootti dabarsinu, hawwii guddaan eeggachaa jirra. Boqonnaan keessanis dhufaa jira, koottaa. Qarqara

lagaa, yeroof gaaddisni guddaan ni jiraata, achittis, oo, isin . . . lallaboota hunda ni dhageessu. Lallaabdoonni kun hundi, halkanii fi guyyaa, ganama hunda, laga qarqara olii-fi-gadi jedhu. Kanaaf hundi isaanii walitti qabamu. Kun yeroof gaaddisa guddaa dha, Siilver Hiilsi caala, dachaa hedduu guddaa dha. Akkasumas—sana booda bakki guddaan namoota kuma saddetii hanga kudhanii qabachuu danda'u jira. Yeroo hunda namootaan kan guutame dha. Ohiyootti yeroo gaarii qabaanna.

32 Ganama tokko Obboleessa Kiid, dulloomaadhaaf, kadhachuufan deeme. torban sadii dura, waanan isinitti hime hunda ni yaadattuu? Doktariin sa'aatii digdamii-afur qofa, akka jiraatu hime. Amma ka'ee deemaa jira. Faarfannaa inni faarfachuu hin dandeenye tokko, Caafata Qulqulluu caqaseera. Gana biraa immoo, yeroon keessa seenee isa ilaalu, fooxaan xiqqoo tokko isa irra jira ture. Isa bira akkan ga'uutti, osoo hin bari'in sa'aatii sadii ykn afur 'duran ba'e. Kaansarii piroosteetii akka qabu guyyaa sanas akka du'u; natti himanii turan.

33 Haati manaa isaa jaallatamtuu, hiyyeettii, dulloomtuun guyyaatti saantimni shantama kennameefi dhiqxi; abbaa manaa ishee dirree irra akka lallabaatti tursiisuuf, boqonnaa malee, ganamaa hanga galgalaatti, saantima shantama. haaromsa torbee-lamaa lallabee, kennaa, saantima saddeettama argata.

34 Garuu guyyoota darban isaan lamaan hiyyeeyyii, hiriyoota gaa'elaa dullooman, achi taa'aniin arge, jechuun, hiriyoonni gaa'elaa hiyyeeyyii, achi taa'anii, fooxaa xiqqoo gateettii isaa irra taa'een arge. Namoota inni jijjiire keessaa tokko, nama umurii waggaa sagaltamii-lamaa, hubataa fi qaroo, Pheenxeqoosxee ture, inni achi taa'ee jira, beektuu. Anis akkasin jedheen, "Isin jaarsoliin maaliif akka as dhuftan beektuu? Doniin hanga dhufutti eegaa jirtu." Sanuma. Hojii isaanii, milkaa'ina isaanii, kaayyoo—isaanii hunda hojiirra oolchaniiru, gara badhaasa isaanitti deemuufis amma qophaa'oo dha.

35 Anis Obboleessa Cheeviin, sunis Obboleessa Kiidsaniin . . . Kiid, ganama sana, "Walga'ii Chaawutaakuwaa irratti ni hirmaatta" jedheen.

36 Innis kaleessa naaf bilbilee, "Obboleessaa Biraanhaam, achitti . . . Nan argama," jedhe. Gaarii dha.

37 Walgahiiwwan baay'eetti, tajaajilli koo haaraa namoota baay'ee fidaa jira. Obboleessi kun, obboleessi Baaptistii as dhaabbate, umurii kudhan keessa, intalli isaa, of to'achuu hin dandeessu. Ganama tokko, "Mucayyoo kee Gooftaa Yesus duratti dhiyeesseera," jedheen. Innis yeroo gara manaa deebi'u, isheen fayyitee arge. Namni biraa cuuphamuuf jedhu tokkos, ganama kana as jira.

38 Obbo Sootmaan, hiriyaan koo Kaanaadaa irraa, yeroo haati-haadha-manaa isaa, afaan du'aa irra jirtuu, akkasin jedheen,

"Yeroo achi geessu haati-haadha-manaa kee, nagaa taatee, fayyaa jirtu argita, tole." Akkasuma ta'e. Qofa. . .namoonnis dhufaa jiru. Inni daa'ima ta'ee osoo jiruu dha, inni socho'aa jira. Garuu, oo, nuti hunda caala, waan baay'ee ol'aanaa ta'e ni eegganna. Bara dhumaa fi hamaa irra jirra, ta'us bara baay'ee ulfina qabeessa irra jirra.

39 Amma Saamu'eel boqonnaa 8ffaa, dubbisuuf, Macaafa Qulqulluu keessan qabattanii? Akkasumas kan hafe Jiiniif waraabuuf, achi nan tara jedhee waadaa galeen ture. Walga'ii keenya reefuu eegalaa jirra.

> *Haa ta'u malee uummanni sagalee Saamu'eel dhaga'uu ni didan; akkas jedhan, Lakki; garuu nuti mootii of irratti ni moosifanna;*
>
> *Sunis nuti. . .akkuma warra. . .*saba ormootaa, *saboota* hundaa; *mootiin keeenyas nuuf farada, nu fuul duras ni adeema, lola keenyas nuuf lola.*
>
> *. . .Saamu'eelis jechoota namootaa* kana *hunda dhaga'e, akkasumas. . .gurri* G*OOFTAA akka dhaga'u godhe.*
>
> G*OOFTAAN immoo Saamu'eeliin akkas jedhe, sagalee isaanii Dhaga'i, mootiis isaaniif moosisi. Saamu'eelis namoota Isiraa'eeliin, namoonni hunduu* gara *magaala keessanii Dhaqaa jedhe.*

40 Amma kana keessaa filachuun yoo narra jiraate, ganama kana, daqiiqota itti fufan kanan dubbadhu, mata duree koo akkasin jedha, *Mooticha Jibbame*: jedhee mata duree filachuun barbaada.

41 Barri sun, akkuma baroota hunda keessatti ta'e, namoonni sun Waaqayyo akka isaan gaggeessu hin barbaanne. Tooftaa ofii isaaniin hogganamuu barbaadan. Seenaa kana immoo ganama kana. . .Gara mana keessaniitti yeroo deemtan immoo, guutuu isaa yoo dubbiftan isiniif gaarii dha. Inni kun kan ta'e raajicha, nama Waaqayyoon, bara—Saamu'eel keessatti ture. Innis nama qajeelaa, fi nama gaarii, kabajamaa, maqaa gaarii qabu, nama biratti amanamaa fi nama dhugaa ture, gonkumaa isaan hin gowwoomsine, garuu kallacha GOOFTAAN AKKAS JEDHA kan jedhu qofa itti himaa ture.

42 Garuu namoonni sadarkaa bakka sagantaa kana itti jijjiiran barbaaduu irra ga'anitti dhufan. Isaan Filisxeemota, fi Amaaleqoota, Amoorota, Heetotaa, fi kanneen saba biyya lafaa hundumaa ilaalan, isaanis mootota isaan bitanii, fi isaan bulchan akka qaban arganii turan, kan isaan gaggeessanis, lola isaaniis kan lolanii, fi kkf. Kunis Isiraa'eel mootota kanaa fi namoota kana fakkeessuuf, waan barbaadan fakkaata.

43 Garuu bara kam keessatti, kaayyoon Waaqayyoo sabni Isaa akka namoota biyya lafaatti akka jiraatan, gonkumaa ta'ee hin

beeku, ykn akka namoota biyya lafaatti akka geggeeffaman ykn akka to'ataman miti. Sabni Waaqayyoo, yoomiyyuu, saba—addaa, waamamee-ba'ee, saba adda ta'e, kan adda ba'e dha, walumaa galatti gochaa isaaniinis adda, karaa isaaniin, akkataa jireenya isaaniin adda dha, saba biyya lafa hundumaa irra adda. Fedhiin isaan wantootaaf qabanii, meek-aappiin isaanii hundis, wantoota biyyi lafaa barbaadu sana irraa yeroo hundumaa faallaa dha.

44 Sabni Isiraa'eel immoo gara Saamu'eel dhufanii akkas jedhaniin, "Amma, ati dulloomteetta, ijoolleen dhiirota kees fakkeenya kee hin hordofani." Sababni isaas, isaan akka Saamu'eel warra dhugaa miti. Isaan warra mattaa'aa fi maallaqa fudhatan turan. Isaanis akkas jedhan, "Saamu'eel, ijoolleen kee akka kee miti, kanaaf ati baatee mootii akka nuuf moosiftu, akka nuu moosiftuufis, akkuma namoota biyya lafaas akka nu gootu barbaanna."

45 Saamu'eel immoo kun akka isaaniif hin milkoofne itti himuu yaale. Innis, "Isin yoo akkas gootan, wanti jalqaba beekuu qabdan, ijoollee keessan hunda mana keessan keessaa akka baasu beekaa, isaan keessaas loltoota akka godhu, konkolaataa isaa dura akka fiigsisu, mi'a lolaa fi eeboos akka baachisu beekaa. Sana qofaa miti, garuu ijoollee durbaa keessan, daabboo akka tolchan, waraana akka sooran, ijoollee durbaa keessan isin irraa ni fudhatu. Akkasumas," akkas jedhe, "konkolaataa fardeenii dura akka fiigan, baattuu hidhannoo waraanaa, fi meeshaa waraanaa, akka isaan godhu beekaa. Kana hunda irratti dabalataan, midhaan keessan irraa, galii qabdan hunda irraa fi kkf, gibira murtaa'e ni fudhata." Innis, "Isin, guutummaatti, dogoggora hojjechaa jirtu jedheen yaada" jedhe. Garuu yeroo . . .

46 Namoonnis, "Garuu ammallee akka namoota warra kaanii ta'uu barbaanna" jedhan. dhiirris dubartiinis akka wal faakkaatan kan isaan hawwaniif, wanta tokko qabu. Lafa kana irratti immoo nuuf fakkeenya keenya ta'u kan danda'u nama tokko qofa ture, innis Tokkicha hunda keenyaaf du'e, Gooftaa keenyaa fi Fayyisaa keenya, Yesus Kiristoosi dha. Inni maal ta'uu akka qabnu nuuf fakkeenya mudaa hin qabne ture, yeroo hundaa fedha Abbaa kan raawwatu, fi waan gaarii ta'e kan hojjetu dha.

47 Saamu'eel hangam namoota sana amansiisuu yaalu illee, halkanii fi guyyaa osoo addaan hin kutin, duukaa isaa deemanii isa gaafatu turan, "Mootii barbaanna. Nama barbaanna. 'Kun geggeessaa keenya' kan jechuu dandeenyu, nama nu barbaachisa."

48 Kun gonkumaa fedha Waaqayyoo ta'ee hin beeku. Namni tokko isa kaan akka bulchu, fedha Waaqayyoo ta'ee hin beeku,

fuul duraattis fedha Waaqayyoo hin ta'u. Waaqayyo nama bulcha. Waaqayyo Bulchaa keenya, Mootii keenya.

49 Har'as caalaatti hammaateera, sababni isaa namni har'as, yaada wal fakkaataa waan qabu fakkaata. Bakka namni nama bitu, Waaqayyo akka nama bitu amma iyyuu waan hubatan hin fakkaatan.

50 Isaanis kanaaf nama Saa'ool jedhamu, ilma Kiish ofii isaanitiif filatan. Innis nama amanamaa, nama kabajamaa ture. Garuu inni namoota sanaaf qofa sirrii ture, sababni isaas inni nama guddaa, dheeraa, kabajamaa, nama cimaa ture. Caaffanni Qulqulluu mataa fi gateettiin isaa Isiraa'eeloota hunda caala akka dheeratu dubbata. Inni bifa-mootii qaba ture, fuulli isaas bareedaa ture. Inni nama baay'ee qaroo fi nama addaa ture.

51 Amma, yeroo har'aas namoonni kan filatan nama akka kanaa ti. Namoonni akkaataa Waaqayyo Waldaa Isaa itti kaa'e sanatti waan quufan hin fakkaatan, Hafuura Qulqulluudhaan gaggeeffamuu fi to'atamuu. Qaama ta'e tokko, dhaabbata amantii ta'e tokko, namni ta'e, namni muraasni tokko Waldaa akka bulchu barbaadu. Innis, guutummaa harka Waaqayyootti dabarsanii of kennuu, nama hafuuraa ta'uu, Hafuura Qulqulluudhaan gaggeeffamuu hin danda'an. Namni ta'e tokko amantii isaanii akka isaaniif raawwatu barbaadu, akkam gochuun akka qabanii, fi waan hunda nama isaanitti himu barbaadu.

52 Namichi kun nama baay'ee barate waan ta'eef, bakkicha sirriitti waan amadaalu fakkaata.

53 Har'as waan hundaan wal fakkaata. Namoota akkanaa filanna, sirriitti, waldoota keenya akka to'atu, Waldaa Waaqayyoo akka to'atu. Kana irratti waanan jedhu hin qabu, garuu qaphxii tokko qofan kaasa, innis: wanti akkanaa, fedha Waaqayyoo miti, ta'ees hin beeku, fuul durattis hin ta'u. Waaqayyo tokkoon tokkoon namoota Isaa ni bulcha, nama hundumaa ni bita.

54 Sana booda ilmi Kiish, nama guddaa, akkasumas—dhaabbiin isaa, waan hundi isaa . . . Inni saba kan madaalu fakkata, uffanni dheeraan isa irra jiru guddaa fakkaata. Gonfoo mataa isaa irraas, nama hundumaa irra ol ka'ee mul'ata, yeroo deemu, mootummaa Isiraa'eeliif qabeenyaa dhugaa—fakkaata ture. Sababni isaas, mootonni biraa, saboonni biraa, akkas jedhanii yaadu, "Ilaalaa nama akkamiiti!" Quba isaanii itti qabanii akkas jedhu, "Mee as Ilaalaa, mootii guddaa arganne! Nama guddaa nu irratti muudame ilaalaa!"

55 Kunis nama gaddisiisa, garuu har'a waldaa keessatti hammam dhugaa dha, akkas jechuu jaalatu, "Paastariin keenya nama sammuu-dhiphaa miti. Inni nama guddaa dha. Inni Haartfoord irraa eebbifame," ykn mana barumsa tiyooloojii guddaa tokko. "Inni bakka *akkanaa-fi-akkasii* diigiriiwwan

afur qaba. Innis namoota biratti nama baay'ee walii galuu dha." Kun hundi sirrii ta'uu danda'a, bakka mataa isaas ni qabaata. Garuu feeni Waaqayyo Waldaa Isaa Hafuura Qulqulluudhaan, akkasumas Hafuura Isaan geggeessuu dha.

56 Garuu akkas jechuu jaalatu, "Nuyi miseensota dhaabbata amantii guddaa kana dha. Nuti hundeeffama isaa irraa kaanee jirra, yeroo xiqqoo turretti, qofa namoota muraasa, baay'ee xiqqoo taanee jalqabne. Amma garuu nutis hamma dhaabbilee amantii gurguddoo jira keessaa tokko taanutti guddanneerra. Manneen barnootaa huna caalan, fi tajaajiltoota hunda caala baratan qabna. Namoota hunda caala-uffatan qabna. Namoonni magaalattii beekumsa guddaa qaban dhaabbata amantii keenyatti hirmaatu. Nuyis tola ni arjoomna. Gochawwan gaggaarii akkasii, hunda ni hojjenna." Anis waan akkasii, jecha tokko akka hin dubbanne, Waaqayyo na haa eegu, sababni isaa sun hunduu gaarii dha.

57 Garuu, ammalee, namni nama bituun fedha Waaqayyoo miti. Waaqayyo, Guyyaa Pheenxeqoosxee, Hafuurri Qulqulluun garaa namaa, fi jireenya namaa akka bitu erge. Namni nama akka bituuf hin uumamne.

58 Garuu akkas jechuu jaalanna. Dhaabata amantii akka kanaa ta'uu keenya dubbachuu keenyatti waan baay'ee nu boonsu dha.

59 "Ati Kiristaanaa? Hospitaala yeroon ture, mata duree kana irratti kan natti dhaga'ame kana ture. "Ati Kiristaanaa," jedheen gaafadhe?

"Ani miseensa *akkasii-fi-akkasii* ti."

"Ati Kiristaanaa?"

"Ani miseensa *akkasii-fi-akkasii* ti."

60 Narsiin tokko immoo gara siree, ani Macaafa Qulqulluu dubbisaa turetti siqxee, isheenis—lafa sanaaf nursii haaraa turte. Isheenis, "Akkam jirtu" jette. "Ati Riivereend Biraanhaam natti fakkaatta, qorannoo-qaamaa gochuuf as dhufte," naan jette.

Anis, "Anuma dha" jedhe.

61 Isheenis akkas jette, "Xiqqoo akka sitti wayyaa'u gochuuf, alkoolii kanaan dugda kee sukkuumuu nan danda'aa?"

Anis, "Gochuu ni dandeessa" jedhe.

62 Isheenis osoo dugda koo naaf sukkuumtuu, akkas jette, "Miseensa dhaabbata amantii kam keessa jirta?"

63 Anis, "Oo, ani miseensa dhaabbata amantii durii dha" jedheen.

Isheenis, "Sun dhaabbata amantii kami" naan jette?

64 Anis, "Isheen osoo waldaan biyya lafaa hin gurmaa'in dura kan gurmoofte dha" jedheen.

65 Isheenis, "Oo," "Maal? Sana waanan beeku natti hin fakkaatu," jette. "Ani miseensa waldaa *akkasii* dha. Miseensa jaarmiyaa tii," naan jette?

66 Akkasin jedheen, "Lakki, giiftii koo. Jaarmiyaan sun, waggaa dhibba lama dura qofa ture. Garuu jaarmiyaan kun kan eegale yeroo urjiileen ganamaan wajjin faarfatanii, fi yeroo ilmaan Waaqayyoo gammachuun iyyan ture, ilmaan namootaa furuudhaaf yeroo Fayyisaan dhufu isaan arganiiru."

67 Isheenis dugda koo sukkuumuu dhaabde. Akka naaf sukkuumtu, karaa *kana* irra, xiqqoo gadi jedheen ture. Isheenis as, naannoo Koriidoon irraa dhufte. Dubbachuu keenya itti fufne. Akkas jette, "Fira koo, ani yeroo hunda nan amana Waaqayyo Waaqa erga ture, Akkuma baroota durii keessa ture, Inni har'as, Waaqa dha." "Waldaan koo guutummaatti yoo gante illee, ani garuu Dhugaa ta'uu isaa nan amana," naan jette.

68 Anis, "Dubartii dargaggeettii, Mootummaa Waaqayyoo irraa hin fagaanne" jedheen.

"Inni duraan yoo fayyisaa ture, Inni ammayyuu fayyisaa mitii," jette?

Anis, "Inni dhuguma ammayyuu akkasuma, obboleettii koo" jedheen

69 Namni garuu nama bituu barbaada, nama kan biraa bituu barbaada. Namnis akka namni isa bitu barbaada. Waaqayyo akka isa bitu hin barbaadu.

70 Kanaaf ilmi Kiish kun, Saa'ool, kan jedhamu kun, waan isaan barbaadaniif deebii qofa ture, nama kabajamaa fi ayyaana qabeessa ture. Akkasumas . . . Oo, qofa gara waraana isaaniitti isaan erguu danda'a, fi kkf. Ammayyuu, garuu, Waaqayyo wantoota kan raawwatu karaa sana hin turre. Waaqayyoo kan barbaade raajii dulloomaa amanamaan akka isaan geggeessuu, fi Sagalee Isaa akka isaanitti himu ture.

71 Amma, har'as, bara waldaa guddaa keessa jiraannu keessatti, kana garaa guutudhaan, nan yaada, nan amanas, Waaqayyo akka nuti goonuuf kan nu abboome irraa karaa-faallaa-irra deemne. Dubbiiwwan Fayyisaa keenyaa inni dhumaa Maariqoos 16. Akkas jedha:

> *Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, uumama hundumaattis Wangeela lallabaa.*
>
> *Namni amane namni cuuphames in fayya; . . . namni hin amanne garuu itti faradama.*
>
> *Warra anatti amanan birattis milikkitoonni kun isaan hordofa; Maqaa kootiin* isaan *hafuurota hamoota in baasu;* afaanota *haaradhaanis* in *dubbatu;*
>
> *Bofa* yoo *qaban;* yookiis . . . waan *nama ajjeesu,* yoo *dhugan . . . isaan hin* miidhu; *harka* isaaniis . . . *warra dhukkubsatan irra in kaa'u, . . . isaanis in fayyu.*

72 Namni tokko illee hin jiru, ilmi Kiishis, ykn namni biraas hin jiru, geggeessaa Hafuura Qulqulluun alatti kan sana godhachuu danda'u hin jiru. Garuu nuti manneen barnoota, seminariiwwan, fi jaarmiyaalee hojjenneerra, dheebuu—ba'uu, fi biyya lafaa biraa fakkaachuuf sana goone.

73 Amma, Hafuura Qulqulluun biyya kana keessatti Geggeessaa ture. Biyyi kun erga labsii walabummaa ishee barreessitee kaasee. . . kan ishee bulchu geggeessaa qabdi ture. Teessoo duuwwaa dabalataa tokkos achi kaa'u turan. Waan Ilmi Waaqayyoo miinjala sana irraa kaa'e malee waan biraa shakkiin tokko sammuu koo keessa hin jiru, biyyi kun qajeelfama bilisummaa amantii fi bilisummaa hundaa irratti hundeeffamte, akkasumas bu'uura Dubbii Waaqayyoo Bara Baraa irratti hundeeffamte.

74 Garuu nuti sana balleessineerra. Siyaasa; achi keessatti nuyi namoota bituu fi gurguruudhaan, abdiiwwan sobaatiinis, namoota filanneerra. Hanga. . . Biyyi keenya, fi siyaasa keenya, dimookiraasii keenyas, hanga inni—kominizimii fi gosa izimoota hundumaa wajjin hanga wal hidhutti baay'ee kan fallame ture.

75 Yeroo baay'ees gara sagantaalee kadhannaatti waamna, liigoonni sabootaa wal ga'anii, achittis ykn yoo. . . mariin ta'u ni kadhatama. Dhiyeenya kana garuu, yeroo dheeraaf, waamichi kadhannaa, yeroo tokko illee hin turre. Kadhannaa malee garaagarummaa keenya akkamitti hiikuu dandeenyaa? Guutummaa addunyaatti, geggeessa Hafuura Qulqulluun malee, waan kamiyyuu ni goona jennee yaannaa?

76 Garuu biyya keenyaaf alaabaa ishee fi rippabilika inni bakka bu'uuf, jaalalaa fi kabaja biyya keenyaaf akkas nan jedha: Geggeessaa keenya, Hafuura Qulqulluu dhiifnerra, siyaasa manca'aa ta'eenis namoota ilaalchi isaanii manca'e finneerra. Isinis yoo of hin eegganne, hanga ammaatti dogoggoroota raawwatan keessaa baay'ee hamaa ta'e, amma raawwachuuf jiru, sababni isaas namoonni namaan bitamuu waan barbaadaniifi dha.

77 Magaala guddoo Yunaayitid Isteetis kana keessatti, akka Pirezadaantii tokkootti, Koongireesii keessatti kan nu barbaachisu, galmawwan haqaa keenya keessatti kan nu barbaachisu, namoota Jireenya isaanii Waaqayyoof of kennani dha, Hafuura Qulqulluun kan guutamanii, fi qajeelfama Waaqummaa Isaan kan geggeeffamanidha. Garuu, qooda kanaa, nuyi namoota baratan, namoota "bifa waaqeffannaa qabanii, fi humna Waaqayyoo ganan" filanna, namoota waaqa hin qabne, yeroo tokko tokkos kana irra kan manca'an, gara siyyaasa keenyatti, gara saba keenyatti finneerra.

78 Kana qofa osoo hin taane, waldaa keenyattis illee akkasuma. Waldoonni keenya bu'uurri gara manca'uutti dhufne, tiksitoonni keenya akka nu geggeessan filachuu irratti, gara semiinaarotaa

deemnee namoota filanneerra akkasumas namoota baratan baay'ee gurguddoo ta'an filanneerra, namoota sammuudhaaan baay'ee qaroo ta'an, namoota iskoolarshiippii qaban, namoota gidduutti walitti dhufeenya gaarii kan qaban, ollaa keessattis namoota gurguddoo ta'an filaniiru, kana mormee waanin jedhu homaa hin qabu. Namoota deemsa isaaniin gaarii ta'an, jireenya isaanitti of eeggatoo kan qabanii, fi namoota kaan gidduutti kan of bitan, namoota biratti, hojii isaaniin namoota gurguddoo ta'an, anis namoota hamaa isaanii hin dubbanne dha. hafuurri koo hangana hamaa akka hin taane Waaqayyo naa'eegu. Garuu, ammallee, waan Waaqayyo nuuf file sana miti.

79 Kun geggeessaa Hafuura Qulqulluu ti; Kiristoos garaa namaa keessa jira. Waltajjii keenya irra kan dhaabbatan beektonni kun baay'een isaanii jiraachuu Hafuura Qulqulluu ni ganu. Baay'een isaanii jiraachuu fayyina Waaqummaa fi Humna Hafuura Qulqulluu ni ganu.

80 Kaleessa, barruu tokko dubbisaan ture, kutaalee gaazexaa walitti fufaa Jaak Koy keessaa cite, jedheen amana, inni boqote Jaak Koy, namoota . . . gara Goofta Yesusitti ani dhi'eesse keessaa tokko, bara isaatti, goota jabaa ture. Filooridaa keessatti, gaaffiidhaaf dhiyaatee ture, sababni isaas mucaa xiqqoo tokko miila isaa irraa sibiila akka baasu gaafate, waltajjii irras akka deemu. Yeroo kana godhus, mucaan sun osoo hin kufin waltajjii irra adeeme, akkuma duraatti, erga haadha isaa bira ga'ees ni kufe. Kun hundi shira diina Kiristoos ta'uudhaan, dubartiin dargaggeettiin kanaa fi abbaa manaa ishee obboleessa goota kana gara mana murtii biyyattiitti fidan.

81 Yeroo waldaan hundi Obboleessa Jaak cina dhaabbachuu qabu turetti, yeroo namni waldaa Maqaa Yesus Kiristoos waamu hunduu, ija jabinaan cina isaa dhaabbachuu qabutti, namni Maqaa Gooftaa Yesus waamu sun hundi kadhannaadhaan jilbeenfachuu qabutti, garuu, qooda sanaa, mata dureewwan gaazexaa irratti, dhaabbilee amantii keenya gurguddoon jiraachuu uumaa warra hin amanne wajjin ta'anii, Obboleessa Jaak Koy balaaleffachaa, hidhuu isaanii dubbate. Waldaan Maqaa Kiristoos waamtu, jiraachuu uumaa warra hin amanne wajjin, tokko ta'u jettanii tilmaamuu dandeessuu, nama waaqa sodaatu garaa guutuun Macaafa Qulqulluuf dhaabbachuuf nama carraaqu balaaleffachuufii? Garuu ni raawwatan.

Achiis Obboleessi Goordan Liindisey isa jajabeessuuf achitti agame.

82 Abbaan murtii hin amanne sun yeroo akkas jedhe, "Namni kun gowwomsituu dha sababni isaa miila isaa kan utubu sibiila mucaa irraa baasee waltajjiitti irra deemsise, innis 'fayyeera' jedhe. Ni sobe, akkasumas waan ajaja doktaraa faallessu raawwateera, kanaaf himannaan gowwomsaa isa irratti himatameera."

83 Obbo Koy ka’ee, akkas jedhe, “Kabajamaa, yaada sana nan morma. Waaqayyo mucicha fayyiseera.”

84 Abbaan seeraas akkas jedhe, “Ibsi kun dhugaa ta’uu danda’uu fi dhiisuu isaa mana murtii kana keessatti nama kamuu nan gaafadha, Waaqayyo mucaa sana fiixee waltajjii tokko irratti fayyisee, fiixee kaan irratti immo akka dhukkubsatu haa godhu. Ibsi kun Macaafa Qulqulluudhaan yoo kan mirkanaa’u ta’e, Obbo Koy ibsa kennanitti mirga akka qaban nan ibsa.”

85 Tajaajilaan tokkos harka isaa ol kaasee, akkas jedhe, “Kabajamaa, fira koo, ibsuu nan danda’aa?”

Abbaan seeraas akkas jedhe, “Ibsi.”

86 Tajaajilichis miila isaan dhaabbatee, akkas jedhe, “Galgala tokko, galaana nama raasu keessatti, dooniin tokko gadi osoo liqimfamuutti jirtuu, carraan fayyuu hunduu ishee dhumee ture. Isaan Yesus, Ilmi Waaqayyoo, bishaan irra deemaa dhufe argan. Ergamoota keessaa tokkos, Pheexiroos kan jedhamu, ‘Yoo Si ta’e, Gooftaa, bishaan irra gara Kee akkan dhufu na ajaji,’ jedheeni.” Innis, “Gooftaan ergamaa Pheexiroosiin, ‘Koottu’ jedhe. Innis bidiruu keessaa ba’ee, gooftaa koo, qofa akkuma Yesus bishaan deemetti, innis ni adeeme. Garuu yeroo sodaate, osoo Yesus bira hin ga’in liqimfamuu jalqabe.”

Abbaan seeraas akkas jedhe, “Himatichi cufameera.”

Namoota baratan miti, hoggansa Hafuura Qulqulluu nu barbaachisa.

87 Saa’ool, ilmi Kiish, namoota irratti ajajaa ta’ee muudamee ture, innis namoota kuma lama fudhate, Yoonaataanis kuma tokko fudhate. Yoonaataanis gara gaariizoonitti gadi bu’ee tuuta Amoonotaa, Amoonota, caalaa in rukute. Yeroo—inni isaan rukutetti immoo, Saa’ool fiingee afuufe, akkas jedhe, “Waan Saa’ool godhe argitanii.” Inni of tuuluu jalqabe.

88 Qofa namni tokko yeroo Doktora Waaqummaa guddaa ta’uu eegalu, ykn maqaa isaa duubatti, waan xiqqoo tokko yoo argate, haa xiqqaatu haa guddatu, waan-hundumaa-beekaa ta’a.

89 Namoonni Waaqayyoo namoota gadi of deebisani dha. Sabni Waaqayyoo saba gadi of deebisu dha. Hafuura Qulqulluu fudhanneerra warri jedhan, akkasumas gaafa ofii isaaniif iddoo addaa kennuu eegalanii argitan, amantii kan hin qabne, fakkaatu, naanna’anii, waan hin taane tokko ta’uu yoo yaalan, yaadadhaa, isaan Gooftaa Yesusiin akka hin fudhanne beekaa.

90 Sana booda akka diinni itti gale ni beekna. Innis gara tuuta xiqqoo namoota Waaqayyootti dhufee, akkasumas ija mirgaa nama hundumaa keessaa buqqisee baasuuf ture.

91 Diinni yeroo hundumaa gochuu kan yaalu sanuma, inni yoo danda’e, ija lama buqqisee keessaa baasuu, kunis namoonni waan godhan akka hin argineefi. Har’a Seexanni Kiristaana

hunda irratti waan gochuu yaalu dha, argituu hafuura isaa keessaa baasu, inni wantoota miira beektotaa sana qofa hordofuu danda'a, miira Hafuura Qulqulluu isa gaggeessu miti.

92 Kanaafuu yeroo isaan san godhan, yeroo kufaatiin guddaan dhufe, achii Saa'ool sangoota gurguddoo lama qalee gara namoota hundaattis ni erge. Isinis kana akka hubattanin barbaada, yeroo Saa'ool kutata sangaa gara Isiraa'el hundaatti erge, akkas jedhe, "Namni Saamu'eel fi Saa'ool hin hordofne hundumtuu, egaa inni, akka sangaa *kana*, haa ta'u." Inni nama Waaqayyoo wajjin of fakkeessuun hangam dogoggorsiisaa akka ta'e argituu? Hangam—kiristaana kan hin taane ture! Sodaan namoota sanaa sababa Saamu'eeliin ture. Sabni Saamu'eel waan sodaatee tureef, Saa'ool garuu hundi isaanii akka isa hordofan godhe. "Saamu'eelii *fi* Saa'ol booddee akka dhufan godhaa."

93 Har'as, si'a meeqa, nuyi isa dhageenyeerra! "Nuti Waldaa guddaa dha. Nuti Waldaa Kiristoosi dha. Nuti Waldaa Waaqayyoo ti. Nuti warra—kan *akkasii-fi-akkasii* ti." Inni namoonni akka sodaatanii, fi Waaqayyo eessa jira jedhanii akka yaadan isaan godha. Isaan hoggansa Hafuura Qulqulluu hin barbaadan. Isaan jireenya dhuunfaa isaanii jiraachuu waan jaallataniif, isaan namoota akkasii hordofuu filatu. Isaan waan amanuu barbaadan amanuu jaallatu.

94 Argitanii? Hafuurri Qulqulluun nu Farada. Waaqayyo phaaphaasii, ykn angafa phaaphaasii, ykn nama biraa, akka nuuf Faradu hin kennine. Hafuurri Qulqulluun, Qaama Waaqayyoo, bifa Hafuura Qulqulluun, Abbaa firdii keenyaa fi Geggeessaa keenya. Amma, kun maaliif?

95 Maaloo jecha koo kabaja, fi ulfina hin qabne kana naaf dhiisaa. Ani akkas jechuu koo miti. Jaalalaanan dubbadhe.

96 Garuu Hafuurri Qulqulluun dubartoonni rifeensa murachuun dogongora akka ta'e ni dubbata. Innis dubartoonni keenya surree fi qumxaa uffachuun isaanii dogoggora, akkasuma hidhii isaanii fi fuula isaanii dibachuun. Hafuurri Qulqulluun kun dogoggora jedha.

97 Garuu nuti namoonni sun sirrii dha akka nuun jedhan barbaanna, "Hanga anaa fi Saamu'eel duukaa buunetti." Isaan guyyoota ja'a guutuu, akka barbaadanitti jiraachuu, fi Dilbata ganama waldaa deemu barbaadu. Diigiriiwwan kolleejjii hedduu irraas kan eebbifamanii fi beektota sirriitti baratanitti lallaba xiqqoo yoo itti himtan . . . tapha xiqqoo yoo keessa buuftan, sun gurra isaanii qoroqora akkasumas akka bashannanan isaan taasisa, akkuma agarsiisa fiilmii ykn sagantaa televizyiinii ti. Sana booda kadhannaa gabaabduu isaaniif gootu, haala gammachuu-isaanii eegeen akka amantaa isaanii—raawwatanitti miira itti dhaga'amu gochuun manatti ergitu. Sun fedha Hafuura Qulqulluu miti.

98 Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoo fakkaachuun akka jiraattan barbaada, guyyaa fi torbee hunda, halkan hundas, wantoota biyya lafaa irraa adda ba'aa.

99 Garuu waldaan sana hin barbaaddu. Isaan Macaafa Qulqulluu akka barbaadanitti Isa dhaga'uuf nama karaa sana hiikuufii—danda'u barbaadu. Sagalee Hafuura Qulqulluu isa Macaafa Qulqulluu keessaan dubbatu dhaggeeffachuu hin barbaadan. Baay'een isaanii akkas jechuu barbaadu, "Guyyaan dinqii darbeera." Kun waan namoota tutuqu dha. Akkas jechuu barbaadu, "Cuuphaan Hafuura Qulqulluu hin jiru." Namoonni wantoota addunyaa kana irraa adda ta'e kamiyyuu gochuu hin barbaadan. Dhiironni fuulla isaanii dhiqatanii bifa—fuula qulqulluu ta'eenis, gara karaatti ba'uu hin barbaadan, afaan sigaaraan badee, osoo—hin xuuxinis, shiishaa hin harkisin, fi—wantoota sana malee hin ba'an. Dubartoonnis rifeensa gabaabsanii murachuu, wayya—gabaabaa uffachuu, boca isaanii agarsiisuu, wantoota isaan barbaadan sana agarsiisuu. "Sun rakkoo hin qabu," nama isaaniin—jedhu barbaadu.

100 Sana booda, galgala darbe, namni tokko as dhufee akkana jedhe, sababni isaas ani namoota akkasii irratti waanan lallabeef, dhaabbanni amantaa guddaan sun, namoota shan kan ta'an, akkas jedhan, "Nuti Obboleessa Biraanhaam ni dhabamsiifna isas waliin maluma irrattiyyuu walii hin gallu. Yookan teeppiiwwan sana deebisiif, akkasumas waa'ee isaanii dhiifama gaafanna, ykn nuti si dhabamsiifna."

101 Anis, "Dubbii Waaqayyoo wajjin nan dhaabbadha. Yoo waan jireenya koo keessaa hunda fudhate, Dubbiicha wajjin nan dhaabbadha. Anis . . . " jedhe.

"Tole, *akkasii-fi-akkasii* teeppii balleessuu qabduu," naan jedhan?

102 Ani akkasin jedheen, "Jireenya koo keessatti, waanan itti qaaneffadhu, gonkumaa lallabee hin beeku. Ani teeppiiwwan ykn waraabbii tokko illee hin balleessu. Ani waan Hafuurri Qulqulluun jedhu wajjinan dhaaba dha. Sun kanan ittiin jiraadhu fi ittiin du'u." Amma waa'ee koo dubbachuuf miti. Garuu ani waan taa'aa jiru isinitti agarsiisuudhaaf yaalaan jira, isin ni argitu ni hubattus. Namoonni namaan gaggeeffamuu barbaadu.

103 Isaan Saamu'eeliin hin barbaanne. Achii osoo Saamu'eel mootii hin muudin dura . . . ykn Saa'ool, mootichi, naaf dhiisi, Saamu'eel ammas gara isaanii dhufe. Akkasumas ani har'a akkuma inni dubbachuuf turetti afaanuma sanaan nan dubbadha. Dubbisuu dandeessu. Inni akkas jedhe, "Maal ta'a Waaqayyo Mootii yoo isiniif ta'e?"

"Tole, nuyi Waaqayyoo hin arginu."

104 "Tole, ani bakka bu'aa Isaa ti," Saamueel akkas jedhe, "Ani waan dogoggoraa isinitti dubbadheeraa? Ani waan hin

raawwatamne tokko ni raawwatama jedhee isinitti dubbadhee beekaa? Ani Dubbii Gooftaa isinitti hin himnee? Ani kana isinan gaafadha: Ani gara keessan dhufee akkasumas maallaqa isin kadhadhee beekaa? Ani waan tokko isin irraa fudhadhee beekaa? Ani kallattiin GOOFTAAN AKKAS JEDHA jechuu malee? Waaqayyoo immoo sana mul'ise, yeroo hundumaa, inni Dhugaa sana ture. Akkasumas Inni qaqawweessaa fi bokkaa erge (Isin, achitti, Caaffata Qulqullaa'aa beektu.) Saamu'eel afaan Waaqayyoo akka ture mirkaneessuuf.

105 Akkuma Saamu'eel sirriitti bakka bu'etti: Har'a, Hafuurri Qulqulluu—Hafuurri Qulqulluun afaan Waaqayyoo ti: waan Macaafni Qulqulluun jedhu qofa dubbata; waan Macaafni Qulqulluun jedhe qofa amananii, fi xiqqoo tokko, Isa irraa adda hin baane.

106 Garuu isaan nama waan biraa isaanitti himuu danda'an barbaadan. Namoonnis raajiin Saamu'eel sirrii akka hin taane hin dubbanne. Deebisanii akkas jedhan, "Saamu'eel, waan ati Maqaa Gooftaatiin dubbatte hundi, Gooftaan akkuma dubbatte raawwate. Wanti tokkoyyuu lafa hin buune. Ati gara keenya dhuftee maallaqa nu hin gaafanne. Ati ofiin kee of gargaarte. Ati waan guddaa kamiyyuu, akka siif goonu gonkumaa nu hin gaafanne. Ati Waaqayyoo kee amanatte, Innis waan hundumaa jalaa si oolche. Dubbiin kees dhugaa dha. Wanti hundi Maqaa Gooftaatiin kan dubbatte akkuma ati jettee dha. Garuu ammallee nuti mootii barbaanna."

107 Sanyii diinaa argitanii? Argitanii—argitanii—haxxummaa seexanaa, akka namoota irratti hojjechuu danda'u? Inni ykn isheen Hafuura Qulqulluutti of kennanii, GOOFTAAN AKKAS JEDHA kan jedhu dhaggeeffachuun, jireenya qulqulluu, amala hin xuroofne, jireenya addaa, namoota qulqulluu, biyya qulqulluu, namoota adda—ta'an; ta'uu isaanii irra biyya lafaa wajjin wal fakkaatu, akka biyya lafaattis hojjetu, waldaa muraasa deemuun akkas jedhu, "Rakkoo hin qabu, qofa hojii kee hojjedhu itti fufi."

108 Maal akka ta'e isiniif galaa? Isaan akkas jedhu, "Wanti fayyina jedhamu hin jiru. Oo, cuuphaan Hafuura Qulqulluu bu'uura waldaa ture." Jecha biraatiin, sana booda Waaqayyo namoota fuudhee, Hafuura Qulqulluu Waldaa keessaa baasee, dhaabbata amantii hundeesse jechuu dha. Miti, miti. Wanti akkasii hin jiru. Hafuurri Qulqulluun, Sagalee Dhugaa, hanga Yesus dhufutti isin qajeelchuuf ture. Garuu sun karaa—kanaan deeme.

109 Saa'ool gara angootti dhufe. Inni guddaa ture. . .Inni hordoftoota baay'ee qaba. Oo, hidhannoo bareedaa qaba. Inni faarfattoota qaba ture. Inni gaachanaa, fi eeboo qaba ture. Oo, inni saboota kaan hunda caalee ture. Akkasumas inni gara

dimookiraasii namni kamiyyuu takkaa argee hin beeknetti isaan fide.

110 Ammas dhaabbileen amantii fi waldaaleen keenya har'a sirriitti kan kan godhan kanuma. Nuti gamoo waldaa addunyaa keesssaa isa guddaa qabna. Namoota uffata-bareedaa addunyaa keessaa qabna. Nuti iskoolarshiippii olaanaa fiduu danda'an qabna.

111 Akkuma Saa'ool namoota eeboo darbachuu danda'an leenjise, hanga biyyoonni isa sodaatanitti sochoosuu fi to'achuu danda'u turan. Nanmoota leenji'anii, fi hunda turan. Garuu, gaaf tokko, yeroon qormaataa tokko gadi ba'ee dhufe. Kunis waraana Isiraa'eel guutuu baay'ee rifachiise, hanga isaan kophee isaanitiin hollatanitti. Gooliyaad qormaata isaanitti ta'e, "Waaqayyoon keessan akkuma isin jettan yoo Inni ta'e! Isin leenjii hunda caalaa leenjitan." Innis isaan rakkise. Isaan waan godhan wallaalan. Uffanni waraanaa calaqqisu, sun isaan hin fayyanne ture. Eeboon isaanii hin hojjetu ture. Wanti isaan hin dhaga'in tokko jira, sana dura, ta'aa ture.

112 Kabaja guddaa fi gadi of deebisuu waaqummaan, kabajaa akkasumas ulfina, jaalala fi tokkummaa Kiristaanaa wajjin, kana nan jedha: Guyyaa tokko, gaazexaa Afrikaa irratti, bakka ilmi keenya Kiish sana, dubbiseera, mormituu wangeela keenyaa, yeroo namni Mahaammad tokko, Biilii Girahaam morme. "Waaqani kee Waaqa yoo ta'e, mee Inni dhukkubsataa haa fayyisu Inni akkuma jedhe Inni yoo godhe," jedhe. Akkasumas ilmi Kiish, loltoota hafan wajjin, callisanii biyya ba'anii, mo'aman. Inni salphina dha. Waaqni keenya Waaqayyo dha.

113 Nuti waldaa bareedaa keenya qabna. Wangeela keenya gaarii qabna. Faarfattoota kaffalamuuf qabna. Garee faarfattootaa adda ta'an qabna, akka biyyaatti kaatediraalota ol'aanaa qabna. Nuyi namoota gaarii dha, maallaqa baay'ee qabna. Beektota qabna. Nuti ti'oolojii hanga fiixetti qabna; Lallabuu dandeenya; hinuu dandeenya. Wangeela lallabnee namoota as finna, waggaatti miliyoonaan, kan jijjiiraman, gara waldaa fidna. [Bakka duuwwaa teeppii irratti—Gulaalaa.] Faarfatoonni keenya qabu, beektonni wangee keenya, qormaata akkasii akkamitti akka ittiin mo'an hin beekan. Isaan waa'ee isaa homaa hin beekan. Waa'ee humna fayyisuu Isaa hin beekan, cuuphaa Hafuura Qulqulluu, waa'ee humna gaaddidduu nama kaansariin du'aa jiru irraa, bilisa kan baasu. Isaan isa homaa hin beekan. Isaan sana keessatti hin leenjifamne, akkuma Saa'oolii fi gareennam tolchee taasisanii ture.

114 Garuu namoota Waaqqayyoo, fi isin ijoolleetti nan dubba dha, Waaqayyo dhugaa ba'umsa malee akka isin hin dhiifne akka beektan.

115 Saa'ool, Saa'ool osoo homaa hin beekin, waan tokkoyyuu hin beeku. Garuu Waaqayyo Daawit xiqqaa tulluu duuba bakka ta'ee qaba ture, innis inkirdaada waldaa hoolota sana hin nyaachisu ture. Innis gara bishaan boqonnaa fi marga lalisaatti isaan geggeessa ture. Inni tiksee hoolota abbaa isaa ture. Wanti tokko yoo ta'e immoo, diinni, hoolota abbaa isaa qabachuu yoo yaale, hoolota sana oolchuuf humna Waaqayyoo akka qabu beeka.

116 Waaqayyo ammallee Daawit qaba, bakka ta'ee, hiika hoolaa Waaqayyoo tokko oolchuu maal akka ta'e beeku, humna Waaqayyoon. Inni ammayyuu waa'es isaa hunda ni beeka.

117 Inni amanamaa ture. Inni waa'ee hidhannoo Saa'ool hin beeku, kamuu isa hin barbaachifne ture. Inni dhaabbilee amantii kamiyyuu hin barbaanne. Hidhannoon moofa isa irra jiru hin barbaanne. Inni akkas jedhe, "Ani waa'ee isaa homaa hin beeku. Garuu ani gara humna isan beekuunan dhaqa mee." Inni hoolota abbaa isaa nyaachisaa ture. Inni margaa dheechisaa ture. Inni nyaata sirrii isaaniif kennaa ture, isaanis jiraataniiru gudagaaganiirus.

118 "Namni buddeena qofaan hin jiraatu. Garuu dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan garuu, namni ni jiraata." Tiksee gaariin isaan soora. "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, hanga bara baraatti isuma." Diinni yoo tokko fudhates, dhukkuba keessatti, inni humna Waaqayyoo ni beeka.

119 Daawit xiqqqaa ilaalaa, achi dhaabbate. Akkas jedhe, "Mucaan sun goota, dhaloota isaa irraa kaasee. Dargaggummaa irraa kaasees, eeboo fi hidhannoo malee homaa hin beeku. Inni sirriitti leenji'eera. Inni nama ti'oolojii ti. Isin waa'ee isaa homaa hin beektan."

120 Inni akkas jedhe, "Sun dhugaa dha, fira koo. Ani waa'ee leenjii ti'oolojii waanan beeku hin qabu. Garuu wantin beeku tokko jira, sunis, hoolota abbaa koo fudhachuuf, diinni yeroo dhufu, humna Waaqayyoonan deeme. Ani isa nan oolche. Ani nagaadhaan gara fayyaa gaariitti nan deebisa. Ani gara marga lalisaa fi bishaan aara galfiitti isa nan fide. Waaqayyo leenca harka kootti dabrsee kenne, anis isa nan ciccire yeroo inni hoolota koo keessaa tokko—fudhate, akkan yeyyii ajjeesus Inni na godhe, kanaaf Waaqayyo Waaqa irraa namicha Filisxeem dhagna hin qabatin kana akkan ajjeesuuf na wajjin deema."

Geggeessummaa Hafuura Qulqulluu nu barbaachisa. Ani guyyoota koo hin beeku; eenyuyyuu hin beeku.

121 Ganama tokko siree koo irra ciisaan ture. Ani immoo. . . rafeen ture, Yoseef akka dhukkubsatee jiru nan abjoodhe, anis isaaf kadhachuufan ol isa kaase. Yeroon dammaqus, baay'een gadde. Akkasin jedhe, "Tole, tarii Yoseef dhukkubsachuuf jira."

122 Anis ilaale, na dura deemaa, gaaddidduu xiqqoo, halluu bunnii irra, dukkanaa'a. Akka ana ta'es natti fakkaate. Anis nan

ilaale. Duuba isaan kan dhufaa jirus Nama adii ture, innis Isa ture. Ani gara haadha manaa koon ilaale, dammaqxee, akkan isheetti agarsiisuu danda'u, yoo mul'ata arguu dandeesse. Garuu isheen rafaa turte.

123 Akkasin jedhe, "Oo, nan gadda, Gooftaa koo. Garuu, sun jireenya koo ta'eera. Situ waanan godhe hundumaa akkan godhu na oofe. Yeroo hunda wanti hunduu, akka inni ta'u kan godhu Si'i jedheen yaada. Seexannis isa irraa na fageessuu akka yaalu nan hubadha." Akkasin jedhe, "Ati qofti yoo na geggeessuu dandeesse." Yeroon ilaalus, fuula bareedaa kanan takkaa nama irratti argee hin beeknen arge. Inni dura koo ture, duubatti na ilaalaa ture. Inni harka Isaa ol kaasee harka koo qabee karaa *kana* socho'uu jalqabe. Mul'anni sun na dhiisee deeme. Dilbata darbe ganama, ani, ganamaan ka'een ture. Mul'anni kun, Sanbata xiqqaa ture. Irra . . .

124 Yeroo hunda nan dhiphadhan ture, yeroo hunda waa'ee du'aan yaada ture. Inni, ani shantama ta'uun koo, inni, yeroo koo miti . . . baay'ee fagoo ture jedhee hin yaanne. Kanaaf tiyoofaanii kana, qaama samii sana keessatti maalan ta'a jedheen yaada. "Hiriyoota koo jaallatamoo nan argaa laata, akkasin jedha, huurriin adiin yeroo darbu, akkasin jedha, 'Obboleessi Neeviil darbaa jira,' ykn, 'Heloo, Obboleessa Biraanhaam,' jechuu hin danda'u ta'aa? Yeroo Yesus dhufu, sana booda ani deebi'een nama ta'a." Ani yeroo hunda sanan yaada.

125 Ani abjuu kootiin gara Dhihaa ta'een arge. Bakka lafa marga qabu tokkotti yeroon gadi bu'u, haati manaa koo na wajjin turte, qabduudhaanis qurxummii qabaa turre. Anis dhaabbadheen—balbalas nan bane. Samiin immoo baay'ee bareeda ture. Isaan akka sulula gamaa hin fakkaatan. Isaan cuquliisa, duumessoota adii bareedaa fakkaatu turan. Haadha manaa kootiinis, akkasin jedhe, "Nuti kanaan dura, as jiraachuu qabna turre, damma koo." Isheen akkas jette, "Ijoolleef jecha, nuti as jiraachuu qabna turre, Biilii." Anis, "Sun . . . " jedheen dammaqe.

126 "Ani baay'een abjootaa jira! Maaliif laata," nan yaade. Sana booda gadi ilaale, isheen na cinaa rafaa turte.

127 Boraatii koo irraan ka'e, akkuma namoonni baay'een gootan, mata koo mataa—siree irra kaa'een, akkasumas harka koo dugda duuba koon kaa'e. Anis akka *kanatti* achi ciiseen ture. Akkasin jedhe, "Tole, gama biraatiin, maaltu akka ta'uuf jirun yaada. Ani shantama ta'eera, hanga ammaattis homaa hin hojjenne. Ani Gooftaaf waan gargaarsa ta'u tokko osoon hojjedhee, ani du'aa akkan hin taane nan beeka. Walakkaan umurii koo deemera, yoo xiqqaate, ykn walakkaa ol. Hanga umurii namoota koo jiraadhu illee, walakkaan umurii koo deemera." Anis naannoon ilaale. Achis ciisaan ture, ka'uuf qophaa'een ture. Inni naannoo sa'a torbaa ture. "Ganama kana, waldaa akkan deemu nan amana.

Sagaleen koo yoo qabame, Obboleessi Neeviil yeroo lallabu arguun barbaada," jedhe.

128 Kanaaf akkasin jedhe, "Dammaqxee, damma koo?" Isheenis cimaa rafaa turte.

129 Kunis akka isin jala darbu hin barbaadu. Inni na geeddareera. Ani akka Obboleessa Biraanhaam isa kana duraa ta'uu hin danda'u.

130 Ani nan ilaale. Anis Waan tokkon dhaga'e, itti fufi kan jedhu, "Ati amma alqabaa jirta. Lolicha itti fufi. Qofa itti fufi."

131 Ani daqiiqaa tokkoof mataa koo nan raase. Nan yaade, "Tole, ani tarii akka kanattan yaadaa jira ta'a." Isin beektu, namoonni gariin yaada sammuu ni argatu. Ani akkasin jedhe, "Ani tarii sana tilmaamuu hin oolu."

Inni akkas jedhe, "Lolicha itti fufi. Deemsa itti fufi. Deemsa itti fufi."

132 "Tarii ani isa jedheera," jedhe. Hidhii koos ilkaan koo keessa kaa'een, harka koo afaan koo irran kaa'e.

133 Achittis deebi'ee Inni ni dhufe, akkas jedhe, "Qofa itti fufi. Ati xumura deemichaa osoo beektee!"

134 Innis waan Girahaam Isneelingii dhaga'aa jiru natti fakkaate, ykn nama ta'e, faarfannaa sun akka kana (Isaan asitti isa faarfatu, Annaa Meey fi isin hundi keessan.):

> Mana koo yaadee dhukkubsadheera, Yesusiin arguun barbaada,
> Sagalee mi'aawaa bilbilamu bakka buufata sanaa dhaga'uun hawwa;
> Inni karaa koo ni ibsa sodaa hundas ni balleessa;
> Gooftaa, mee golgaa yeroo darbeen ilaala.

Waldaa kanatti yeroo faarfatamu dhageessaniittu.

135 Anis Waan tokkon dhaga'e, "Ati qofa golgaa duuba arguu ni barbaaddaa?"

Anis, "Baay'ee na gargaara" jedheen.

136 Anis nan ilaale. Yeroo muraasa keessatti, qofa . . . ani . . . hafuura tokkoon Bakka xiqqoo tasgabaa'ettin dhufe. Deebi'een ilaale, siree irra ciiseen, anis achin ture. Anis akkasin jedhe, "Kun waan ajaa'ibaati."

137 Amma, kana irra akka deebitan hin barbaadu. Kun waldaa koo dura, ykn hoolota kan ani nyaachisaa jiru. Haa ta'u, qaama kana keesa ture ykn ala ture, inni hiikkaa haa ta'u, inni akkan mul'ata arge kamuu hin turre. Ani Achi arguu nan danda'a ture, ani as ilaaluus nan danda'a ture.

138 Yeroon Bakka xiqqaa sana ga'us, ani takkaa namoonni baay'een akkas fiiganii, iyyaa, dhufa argee hin beeku "Oo, obboleessa keenya jaallatamaa!"

139 Anis nan ilaale. Dubartoonni dargaggoonis, tarii waggoota digdama, kudha sadeetii hanga digdamaa ta'an, isaan harka isaanii ana irra kaa'anii, iyyaa akkas jedhan, "Obboleessa keenya jaallatamaa!"

140 Kunoo dargaggoonni, ifa dargaggummaa isaaniitiin dhufan. Ijji isaaniis ni balaqqeessa'aa akka urjiiwwan dukkana irratti ibsanii ti. Ilkaan isaanii akka luuluu addaata. Isaanis iyyaa, na qabachaas, iyyaas akkas jedhan, "Oo, obboleessa keenya jaallatamaa!"

141 Nan dhaabbadhes, nan ilaales. Anis dargaggeessan ture. Harka koo mataa koo duubatti qabadheen, qaama koo isa moofaa achi ciisee jiru nan ilaale. Anis, "Kun naf hin galle" jedheen.

142 Dubartoonni dargaggoon kunis harka diriirsanii na hammatu ture. Amma, ani kun waltajjii wal makaa ta'uu nan hubadha, akkasumas kana kanan jedhu Hafuura mi'aawaa fi lallaafaa ta'eeni. Dhiironni fedhii namaatiin alatti harka isaanii dubartoota irra kaa'uu hin danda'an; garuu Achitti sun hin jiru. Kaleessas ta'ee boru hin jiru. Isaan dadhabanii hin beekan. Isaaniin . . . Jireenya kootti dubartoota akkas bareedan argee hin beeku. Rifeensi isaanii hamma dugda isaanitti dheeraa, wayyaan isaanii hamma miila isaanitti dheerata. Isaanis na hammachaa turan. Inni hammannaa akka obboleettin koo, achi teessee jirtu, na hammattuu miti. Isaan na dhungachaa hin turre, anis isaan dhungachaa hin turre. Inni wanta tokko ture kana ibsuuf jechoonni—na hin—ga'an, jechootan dubbadhu hin qabu. "Mudaa kan hin qabne" isa hin ibsu. "Filatamaa" yoon jedhes wal hin qixxaatu, gonkumaa. Inni gonkumaa hin ibsamu ture . . . Isin Achi ta'uu qabdu.

143 Anis karaa *kann* nan ilaale, akkasumas karaa *sana*. Isaanis dhufaa jiru, kumaatamatti kan lakkaa'aman. Anis, "Kun naaf hin galle" jedhe. Akkasin jedhe, "Tole, isaan . . . "

144 Kunoo Hoop dhufte. Isheen haadha manaa koo ishee duraa ti. Isheen ni fiigde, gonkumaa, "Abbaa manaa koo" naan hin jenne. Isheen, "Obboleessa koo jaallatamaa," jette yeroo na hammatte, dubartiin biraas achi dhaabbachaa turte, kan na hammatte, akkasumas Hoop ishees ni hammatte; akkasumas walii isaanii. Akkasumas nan yaade, "Oo, kun waan addaa tokko ta'uu qaba. Inni ta'uu hin danda'u . . . Wanti ta'e tokko jira . . . " Ani nan yaade, "Oo, ani gara reeffa moofaa sanatti deebi'uu nan barbaadaa laata?"

145 Ani naannoo nan ilaale sana booda. "Kuni maali," jedheen yaade? Anis haala gaariin, nan ilaale. Anis—akkasin jedhe, "Ani—kana hubachuu hin danda'u." Garuu Hooppi, oo, keessummaa kabajaa fakkaatti. Isheen adda hin turre, garuu akka keessummaa kabajaa.

146 Anis kutaa sana keessa, Sagalee natti dubbatu nan dhaga'e, akkas jedhe, Kan lallabde kun Hafuura Qulqulluu ture. Kun jaalala mudaa hin qabne dha. Eenyullee Isa malee As seenuu hin danda'u."

147 Jireenya koo keessatti, yeroo kamiyyuu caalaa, Jaalala guutuu akka barbaachisu, Achitti galuun murteesse. Hinaaffaan hin turre. Dadhabbiin hin turre. Duuti hin turre. Dhukkubni gonkumaa hin danda'u, Achitti. Duuti; gonkumaa—si dulloomsuu hin danda'u. Isaan. . .Boo'uus hin danda'an. Gammachuu tokko qofa ture.

148 "Oo, obboleessa koo jaallatamaa!" Isaanis ol na fuudhanii, bakka guddaa ol ka'aa irra na kaa'an.

149 "Ani abjootaa hin jiru. Qaamni koo—siree irra akka ciisaa jiru, ani ilaalaan jira," jedheen yaade.

150 Isaanis ol na kaasanii achi irra na kaa'an. Anis, "Oo, ani as irra taa'uu hin qabu" jedhe.

151 Kunoo dubartoonnis dhiironnis, kallattii lachuun, umurii isaanii ijoollummaatti, iyyaa dhufan. Dubartiin tokkos achi dhaabbattee turte, isheenis akkas jettee iyyite, "Oo, obboleessa koo qaali! Oo, Asitti si arguu keenyatti gammanneerra."

Anis, "Kun naaf hin galle" jedheen.

152 Achiis Sagaleen natti dubbachaa ture, na gararraa dhaa, akkas jedhe, "Akkuma beektan, Macaafa Qulqulluu keessatti raajonni saba isaanii wajjin akka walitti qabaman caafameera."

Anis, "Eeyyee, Caaffata Qulqullaa'aa keessatti sana nan yaadadha" jedheen.

"Tole, kun yeroo ati saba kee wajjin walitti qabamtu dha," jedhe.

Anis, "Ergasii isaan sirrii ta'u, sun immoo natti dhaga'ama" jedheen.

"Oo, eeyyee."

153 Anis, "Garuu, miliyoonaan jiru. Biraanhaamonni hangas miti" jedheen.

154 Sagaleen sunis akkas jedhe, "Isaan Biraanhaamota miti. Isaan warra ati jijjiirte dha. Isaan kun warra ati gara Gooftaatti fidde dha." Akkasin jedheen, "Dubartoota achi jiran muraasni, kan ati baay'ee bareedu jettee yaaddu, yeroo gara Gooftaa isaan geessitan irra caalaan isaanii umurii waggaa sagaltamaa ol turan. Isaan akkas jedhanii yoo iyyan nama hin ajaa'ibu, 'Obboleessa keenya jaallatamaa!'"

155 Isaanis ni iyyan, erga takkaa, akkas jedhanii, "Otoo ati hin deemne ta'ee, nuti Asitti hin argamnu ture."

Naannoon ilaale. Akkas jedheen yaade, "Tole, homaa naaf hin galle."

Akkasin jedhe, "Oo, Yesus eessa jira? Ani Isa arguun barbaada, sirriitti."

156 Isaan akkas jedhan, "Amma, Inni xiqqoo ol ba'eera, sirriitti ol karaa *sana*." Akkas naan jedhan, "Gaaf tokko Inni gara kee dhufa." Argitanii? Akkas jedhan, "Ati kan ergamteef, geggeessaadhaafi. Waaqayyos ni dhufa. Yeroo Inni dhufu immoo, Inni waan ati isaan barsiifteen sitti murteessa, jalqaba, isaan galanis galuu baattanis. Nuti akkaataa barsiisa keetiin galla.

157 Akkasin jedhe, "Oo, ani baay'ee gammade. Phaawuloos, akka kanatti dhaabbataa? Pheexiroos akka kanatti dhaabbachuu qabaa?"

"Eeyyee."

158 Akkasin jedheen, "Sana booda ani lallaba isaan lallaban hunda lallabeera. Ani Isa keessaa hin baane, gama tokkoo gara biraatti. Bakka isaan Maqaaa Yesus Kiristoosiin cuuphanitti, anis akkasuma. Bakka isaan waa'ee Hafuura Qulqulluu barsiisanitti, anis barsiiseara. Waan isaan barsiisan hunda, ani barsiiseera."

159 Namoonni sun ni iyyan, akkas jedhan, "Nuti sana ni beekna. Guyyaa tokko, isin wajjin gara lafaatti akka deebinus, ni beekna." Akkas jedhan, "Yesus ni dhufa, atis akka Dubbii isa nu lallabdeetiin sitti murtaa'a. Sana booda ati yoo fudhatame, kan fudhatamtu ta'a," akkas jedhe, "sana booda nuun Isatti nu dhi'eessita, akka badhaasa tajaajila keetitti." Akkas jedhan, "Ati gara Isaatti nu qajeelchita, akkasuma, hundi keenya wajjin, gara lafaa deebinee, bara baraan jiraanna."

Akkasin jedhe, "Ani amma deebi'uun qabaa?"

"Eeyyee. Garuu deemsa kee itti fufi."

160 Ani nan ilaale. Namoota sanas ilaaluu nan danda'e, hamman ilaaluu danda'u, ammallee dhufanii, na hammachuu barbaadu, akkas jechaa iyyaa, "Obboleessa keenya jaallatamaa!"

161 Qofa sana booda Sagaleen akkas jedhe, "Kan ati jaallatte hundumaa, kan si jaallatan hundumaas, Waaqayyo Asitti siif kenneera." Ani nan ilaale. Kunoo sareen koo dulloomaan ni dhufe, ol demaa dhufe. Kunoo fardi koos ni dhufe, mataa isaa gateettii koo irra keewwate, himimses. Akkas naan jedhan, "Kan ati jaallatte hundumtuu, kan si jaallate humdumaa, Waaaqayyo isaan harka keetti dabarsee kenne, tajaajila kee keessatti."

Akkasumas bakka bareedaa sanaa socho'uun koo natti dhaga'ame.

162 Naanna'ees nan ilaale. Akkasin jedhe, "Dammaqxeettaa, damma koo?" Isheen ammayyuu raafaa jirti.

163 Nan yaade, "Yaa Waaqayyo! Oo, na gargaari, Yaa Waaqayyo. Jecha tokko irratti akkan araarama godhu gonkumaa naaf hin eeyyamin. Sagalee sana qofa irratti qabamee, Isas akkan

lallabu na godhi. Wanti dhufus deemus dhimma koo miti, ykan waan namni kamiyyuu godhu; hamma fedhe Saa'oloonni . . . ijoolleen Kiish haa ka'an, hamma fedhe *kun, sun*, ykn kan *biraa*. Naaf eeyyami, Gooftaa, bakka sana akkan ga'u." Sodaa du'aa hunda . . .

164 Ganama kana, Macaafa Qulqulluu koo of fuuldura kaa'adheen, kanan jedha. Ilma xiqqaa tokkon qaba, kan waggaan isaa afur ta'e, guddisuudhaaf. Mucaa dubaraa umurii-waggaa-sagaliin qaba; ijoollee dhas, nan galateeffadha, karaa Gooftaa waan hordofteef. Waaqayyo, akkan jiraadhu na eeyyami, dubbii Waaqayyoon barsiisee akkan guddisuuf.

165 Sana gararraa, addunyaan guutuun waan natti iyyu fakkaata, dubartoota fi dhiirota umurii-waggaa-sagaltamaa, namoota gosoota hundaas, "Osoo ati deemuu baatte, nuti Asitti hin argamnu ture."

166 Waaqayyo, lolichatti, akkan jabaadhu na gargaari. Garuu du'uun yoo dhufe, ani hin gaddu. Inni gammachuu ta'a, inni na gammachiisa, achi galuun, tortoruu kanaa fi salphina kana irraa.

167 Yoon akkas godhe, ol fagaadhee, maayiloota biliyoona dhibba tokko ol, bilookii Iskuweerii tokko, sunis Jaalala mudaa hin qabnee dha, tarkaanfii hundaan, dhiphataa deema, nuti hanga bakka amma jirrutti gadi buunutti. Inni gaaddidduu badisaa qofaa ta'a. wanti xiqqaan kan nutti dhaga'amu akkasumas wanti tokko bakka ta'e akka jiruu dha. Nuti maal akka Inni ta'e hin beeknu.

168 Oo, hiriyoota koo jaallatamoo, jaallatamoo, jaallatamoo koo warra Wangeelaa, Waaqayyoof kan dhalattan ijoollee koo, na dhaggeeffadhaa, paastarii keessan. Isin, ani karaan ittiin isin hubachiisu yoo jiraate nan gammada ture. Jechoonni hin jiran; ani argachuu hin dandeenye; inni bakka kamituu hin argamu. Garuu qofa hafuura bafannaa dhumaa kana, dursa kan argitan caala wanti ulfinaa ni jira . . . Isa ibsuuf karaan hin jiru. Karaan hin jiru. Ani qofa gochuu hin danda'u. Garuu maaluma haa ta'uu, firoottan koo, lafa kaa'aa waan hunda hanga Jaalala mudaa hin qabne argattanitti. Gara bakka nama hundumaa jaalachuu dandeessanii irra ga'aa, diina hundas, waan hundumaas.

169 Daawwannaan Achitti goone sun, anaan, nama addaa na godheera. Ani gonkumaa, gonkumaa, gonkumaa Obboleessa Biraanhaam isa duraan wal fakkaataa ta'uu hin danda'u. Xiyyaaronni raafamanis, ibsaan balaqqeessa'us, basaasichi qawwee natti qabus, Inni maaalumaa ta'us, inni rakkoo hin qabu. Ayyaana Waaqayyoon, lolicha ittan fufa. Sababni isaa, ani uumama hundumaatti Wangeela lallabeera akkasumas naman danda'e hundumaatti, gara biyya fagoo bareedduu sanatti isaan amansiiseera.

170 Inni ulfaataa fakkaachuu danda'a. Inni cimina baay'ee gaafachuu danda'a. Ani hin beeku hammam akka fudhatu. Nuti hin beeknu, fooniin yeroo dubbannu hin beeknu. Jalqaba... Qorannoo koo irratti guyyaa biraa, inni akkas jedhe, "Waggaa digdamii-shan cimaa, jireenya gaarii qabda. Ati cimaa dha." Sun na gargaarera. Garuu, oo, sana hin turre. Sanaa miti. *As* keessa wanti ta'e jira. Inni tortoru kun isa hin tortorre uffachuu qaba. Inni du'u kun isa hin duune uffachuu qaba.

171 Ijoolleen Kiish ka'uu danda'u. Ani...Wanti gaariin isaan hojjetan hunduu, ani waan hamaa tokko illee isa irratti dubbadhu hin qabu, hiyyeessotaafi kennaa gaariif kennu. Yaadadhaa, maaliif, Saamu'eel Saa'oolitti dubbate, "Atis ni raajja." Namoonni baay'eenis gurguddoota, lallabdoota jaboo dha, Dubbicha akka angafa ergamootaatti lallabuu danda'u. Garuu sun ammallee fedha Waaqayyoo miti. Waaqayyo mootii ta'uu qaba ture. Obboleessa, obboleettii Hafuurri Qulqulluun isin haa gaggeessu.

Mee yeroo muraasaaf mataawwan keenya gadi haa qabannu.

Mana koo yaadee dhukkubsadheera, Yesusiis arguun barbaada,
Sagalee mi'aawaa bilbilamu bakka buufata sanaa dhaga'uun hawwa;
Inni karaa koo ni ibsa sodaa hundas ni balleessa;
Gooftaa, mee golgaa yeroo darbeen ilaala.

Gooftaa, mee golgaa gaddaa fi sodaa darbeen ilaalaa,
Naannoo ifa aduun sana mee nan ilaalaa;
Inni amantii keenya cimsaa sodaa koo hundas ni balleessa;
Gooftaa, mee golgaa yeroo darbeen ilaala.

172 Nan mirkaneeffadha, Gooftaa, yoo waldaan xiqqoon kun, ganama kana, golgichaan gamatti ilaaluu dandeesse: isaan gidduutti giddiraa miti, gonkumaa hin ta'in; dhukkubbii miti; waan tokko garuu guutuu ta'uu. Innis qofa hafuura baafannaa tokko asii fi Achi gidduu, dulluma irra hamma dargaggummaatti, yeroo irraa gara Barabaraatti, dadhabbii kan boruu, akkasumas gadda kaleessaa, hamma Bara Barummaa yeroo ammaa guutummaa keessatti.

173 Ani nan kadhadha, Yaa Waaqayyo, Ati asitti nama hundumaa akka eebbiftuuf, Isaan yoo as jiru ta'e, Gooftaa, warri karaa Jaalalaa sanaan Si hin beekne jiraate. Dhugaadhaan, Abbaa, eenyumtuu bakka qulqulluu sana seenuu hin danda'u Jaalala sanaan malee, dhaloota haaraa, lammaffaa dhalachuudhaan. Hafuurri Qulqulluun, Waaqayyo, Inni Jaalala, nuti kun dhugaa akka ta'e beekna. Dhimma hin qabu nuti tulluuwwan amantiidhaan yoo sochoofne, waantota gurguddoos

yoo hojjenne, ammayyuu, sana malee Achitti, nuti riqicha guddaa sana ce'uu hin dandeenyu. Garuu Sanaan, Inni garuu lafa irraa ol nu baasa. Nan kadhadha, yaa Abbaa, akka Ati namoota as jiran eebbiftuuf.

174 Akkasumas tarii, namni hundumtuu kan kana dhaga'e, ganama kana, Dhugaa kana dubbata, Isin dhugaa baatota koo taataniif, Gooftaa, akkuma Saamu'eel isa durii, "Ani waan dhugaa ta'e malee waan tokko Maqaa Keen isaanitti himeeraa?" Kunoo abbootii murteetu jira. Anis isaanitti himeera, yaa Gooftaa, akka Ati Biyya sanatti na fudhattuuf. Sunis akka Dhugaa ta'e Ati beekta.

175 Akkasumas amma, yaa Abbaa, yoo kan Si hin beekne jiraate, tarii kun yeroo itti isaan akkas jedhan haa ta'u, "Gooftaa, fedhii isa kan Keetii ana keessa kaa'i." Kenni, yaa Abbaa.

176 Ammas, isin, mataawwan keessan gadi qabadhaatii, harka keessan ol kaasatii, akkas jedhaa, "Naaf kadhadhu, Obboleessa Biraanhaam, fedhiin Waaqayyoo keessa kootti haa ta'u."

177 Amma isin bakka jirtan taatanii, karaa mi'aawaa ta'een, isin maaliif Abbaa keessaniin akkas hin jettan, "Yaa Waaqayyo, laphee koo keessatti, har'a, ani waantota addunyaa hundumaa nan gata. Ani nan gata, waan hundumaa, Si jaalachuu fi Si tajaajiluuf, jireenya koo hundumaa. Ani nan fedha, guyyaa kanaa kaasee, kana booda, Sin hordofa, Caaffata Qulqulluu Macaafa Qulqulluu keessa jiru hundumaan?" Isin yoo cuuphaa Kiristaanaan cuuphamuu baattan, "Nan cuupha, Gooftaa."

178 "Isin yoo ammayyuu Hafuura Qulqulluun hin cuuphamne ta'e. . ." Isin yoom akka Isa fudhattan ni beektu. Inni isiniif ni kenna—Inni isiniif ni kenna mirkaneessaa fi Jaalala isin barbaachisu. Oo, wantota adda addaa gooteetta ta'a, miirota qabda ta'a, akkasuma ati afaanotaan dubbatte ykn iyyiteetta ta'a, inni gaarii dha. Garuu yoo Jaalala Waaqummaa hin qabdan ta'e, na amanaa amma, akkas jedhaa, "Gooftaa koo, bakka laphee koo keessatti, akkasumas lubbuu koo keessatti, qaqqabbii Hafuura Keetii, akkan Jaalladhuuf, akkasumas kabajuuf, akkasumas Jaalala Waaqummaa onnee koo keessatti, har'a, hamma xumura haara baafannaa kootitti gara Biyya sanaatti akka sun na geessuuf," osoo kadhannu. Isin kadhadhaa, isin ofii keessanii, amma. Karaa ofii keessaniitiin, isin kadhadhaa, Waaqayyo sana akka isinii godhuuf kadhadhaa.

179 Isinan jaalladha. Isinan jaalladha. Isin jaallatatamoon dhiironni achi taa'aa jirtan, kan jabaattanii hojjetan daa'imman xixiqqoo nyaachiftan! Isin garraamota, haadhotiiwwan dulloomoo kan ija keessan keessaa imimmaan yaaftan! Mee kana isiniifan mirkaneessa, yaa obboleettii koo, jaalallee koo, inni karaa haara baafannaa gama biraatiin mitii. Ani nan amana Inni mirkanumaan kuticha keessa akka jiru. Inni kallattii nuti

keessa jiraannu qofaa dha. Inni qofa amma badii nuti keessa jiraannu dha.

180 “Garuu fedhiin kee na keessatti, Gooftaa, fedhiin Kee haa ta’u.” Isin kadhadhaa, osoo nuti waliin kadhannuu.

181 Kabajaan, yaa Gooftaa koo, bu’uura Dubbii Keetii fi Hafuura Qulqulluu Keetiin, Nuti baay’ee gammadoo dha eessaa akka dhalanne beekuu keenyatti. Nuti gammadoo dha nuti “fedha dhiiraa irraa, ykn fedha foonii irraa osoo hin ta’in, garuu fedha Waaqayyoo irraa dhalanne.”

182 Akkasumas nuti ni kadhanna, har’a, yaa Abbaa, isaan kun dhiifama ayyaanaa kan gaafatan, sana Hafuurri Kee haa godhuuf, yaa Gooftaa. Ani sana gochuuf homaa karaa hin qabu; Ani nama qofa, kan biraa ani ilma Qiish. Garuu nuti Si, Hafuura Qulqulluu barbaanna.

183 Yaa Waaqayyo, akka Saamu’eel naaf eeyyami, Dhugaa Dubbichaa akkan dubbadhu. Ati immoo Isa mirkaneessiteetta, kanaafuu sirriitti, Atis akka itti fuftu nan amana, hamman ani Siif dhugaa ta’etti.

184 Isaan hundumtuu Jireenya Bara Baraa haa argtan, yaa Abbaa. Guyyaan kun isaan irraa gargar hin bahin. Yeroo isaan biyya lafaa kana gadi lakkisanii deemanitti, tarii kun, waanti ani isaanitti hime kun, dhugaa akka ta’an haa ta’an. Akkasumas akkuma as taa’aa jirru, nuti du’oo kan taane, har’a, yeroo keenya ilaalaa, kan irbaata keenyaa yaadaa, kan hojii boruu, yaaddoo fi dadhabbii jireenyaa yaadaa, isaan hundumtuu achi hin jiraatan. Isaan hunduu ni badu. Yaaddoon hin jiraatu; gammachuu guddaa tokkoo fi Bara Barummaatu ta’a. Jireenya akkasii isaaniif kenni, yaa Abbaa, hundaamaaf. Tarii . . .

185 Ani kana Sin gaafadha, yaa Abbaa, namni hundumtuu ganama kana kan as jiru, kan waa’ee mul’ata kanaa yeroon dubbadhu na dhaga’u, ani tokko tokkoo isaanii kallattii sanaan akkan argadhuuf sin kadhadha; dhiironni tarii ana waliin asitti walii hin galle yoo jiraatan illee, akkasumas dubartoonnis, akkasuma. Garuu, yaa Abbaa, sun karaa keenya irra akka dhaabbatu hin eeyyaminiif. Achitti akka isaanin wal arginu nuuf eeyyami, akka fiigan, sirriitti, harka wal qabannee, iyyaa, “Obboleessa keenya jaallatamaa” waliin jechaa. Inni akkuma achitti agarsiifame, yaa Gooftaa, nama hundaaf, warra ani jaalladhu hundaaf, akkasumas warra na jaallatan hundaaf. Akka sana akka ta’uufan kadhadha, yaa Gooftaa. Akkasumas isaan hundumaa nan jaalladha, yaa Abbaa. Anni Jireenya Bara Baraan isaan affeera. Qooda isaanii haa godhan isaan, Isa fudhachuudhaaf. Maqaa Yesusiin nan gaafadha. Ameen.

186 Nuti yeroo muraasa qabna, warra dhukkubsatanii kaadhachuuf. Xiqqoo tokko, mucaa dubaraa dhukkubsatte asitti, dubartiin tokko teessoo irra teesseen arga.

187 Amma, obboloota koo dhiirota jaallatamoof, obboloota dubartootaaf, karaa dogongora ta'een na hin hubatinaa. Ani—ani waaan ta'e hin beeku. Maaltu akka ta'e ani hin beeku. Garuu, yeroon du'e, Achi akkan deemu naaf eeyyami. Bakka sana akkan deemu naaf eeyyami, bakkan jiraachuu barbaadu dha, bakka kamiyyuu haa ta'u. Ani akka Phaawuloos isa samiiwwan sadaffaa deemee ta'uuf yaalaa hin jiru. Ani sana jechaa hin jiru. Ani nan amana Inni waan na jajjabeessuu naaf kennuuf akka yaalaa jiru, waan xiqqoo na dhiibu naaf kennaa akka yaalu, tajaajila koo isa haaraa dhufu keessatti.

188 Ani yoon waan tokko dubbise barbaachisaa isinitti hin fakkaatuu asitti, daqqiqaa tokkoof qofa? Sirrii hin fakkaatuu? Barruleewwan gaggeessummaa biyyaa tokko irratti, Biilii Girahaam:

> *Dooktar Biilii Girahaam Musiliimotaaf Kan Affeere*, fuula duubaa irratti kan *Afrikaan Taayems* jedhee barreesse, Guraandhala kudha shanaffaa, 1960. Barreessaan barreeffamichaa, kan Musiliimaa, hordofaa Mahaammad, dinqiiwwan lallaba Wangeela Kiristoos hordofuu qabu jedhee yaada, kaleessas, har'as, hamma bara baraatti. Nuti yeroo dubbannu akkas jenna: Inni akkasuma: Kiristoos hordoftoota Isaaf waada galeeraaf, Inni yeroo akkas jedhe, 'Inni kan Natti amanu, hojiiwwan ani hojjedhu innis ni hojjeta; kan kanaa olii illee ni hojjeta.' Waldaan hojiiwwan hojjeteertii, sana, kan—kan amaloota Kiristoos Macaafa Qulqulluu keessatti argaman? Isheen har'as gochuu dandeessii? Waldaan kamiyyuu kan gargar baasuu dandeessu jirtii, dinqiiwwan Kiristoos raawwate walakkaa isaa illee, akkas jechuuf miti 'hojiiwwan gurguddoo'? Dandeesssuu, akka nama dhuunfatti, beekamaa, dubbii fuudhaa Kiristaanaa, kaasuu, du'aa kaasanii gara jireenyatti fiduu dandeessaa? Galaana irra deemuu dandeessaa? Dhukkubsataa fayyisuu dandeessaa akkasumas jamaan akka ilaalu gootaa? Kanaa mitii, akkuma bara kana olitti caqafameetiin, Mahaammadiin fuul duratti kan kaa'ame, ykn, kaa'uu, ykn, qormaata hordoftoota Kiristoosiin akkataa hima tokko tokkoon, nuti amantaa kee keessa jirraa?"' Akkaataan ibsa Musiliimaa dogoggora tokko irraa gara kan biraatti.

189 Isaan garuu Musiliima kana ni mormu, garuu inni sirrii ture. Haa ta'u malee asitti Isaan wanta kana jechuu qabu ture:

> Deebii isa hunda irra sirrii ta'e, Macaafa Qulqulluu dubbisuuf, akkasumas Quraan beekuuf. Quraanni kan obsu kan. . . wal dorgomsiisuun obsuu dha. Yaada "Mahaammadummaan kan guddatee fi Kiristaanummaa kan caalu" jedhu qabaachudhaan, ifa kan ta'e, (d-h-u-k-a-a-a-a) dhuka'aa (ani akkan yaadutti) jedheen tilmaama. Barreessichi, haa ta'u malee, yaada murteessaa tokko

> kaaseera waa'ee dinqiiwwan kan Waldaa ilaalchisee. Garuu dhugummaa barreessichaa nuti ni shakkina, sababni isaas eenyutu dinqiiwwan Luba Wiiliyaam Biraanhaamiin hojjetaman shakkuu danda'a duraan kan Musiliimota Afrikaa Kibbaa keessatti, yeroo kumni kudhan Kiristoos akka Fayyisaatti fudhatan karaa tajaajila Wiiliyaam Biraanhaamiin, Darban irratti, Afrikaa Kibbaatti, akkasumas bakka biraatti addunyaa keessatti, ykn T.L. Osboorn Afrikaa Bahaatti eenyutu shakka? Mirkana, nuti harka dhibba keessaa Biilii Girahaamiif ni dhaabbanna. Nuti qabxii gaaffii irratti dubbanne, akkas miti . . . qabxiin gaaffii kanaa gatii hin qabu.

190 Garuu tokko tokkoo kutaa gidduutti (Isaan waa'ee keenya . . . shororkeessitoota jedhan, waan goonu homaa kan hin beekne.), isaan dhugaa bahuu qabu, barrulee isaanii keessatti, akkuma Waaqayyo godhe, maalumaaf. Waaqayyo qofa Waaqayyoo dha, har'as, Inni akkuma dura ture.

191 Isaan isa hin amanan jettenii yaaddu, isaan hin argan. Qofa hin dhoksan; inni miciree keessatti hn hojjetamne.

192 Akkasumas namoonni kumoota dhibbaatti lakkaa'aman achi taa'aa turan, sana ilaalaniiru. Isaan yeroo mucaan qaama miidhamaan, dhiphina keessa jiru sun achi dhufe, Hafuurri Qulqulluun waa'ee jireenya isaa itti hime, akkasumas waantota biraa, waa'ee waantota achitti ta'anii. Musiliimonni kuma kudhan ta'an lafa irratti kufanii, gadi bu'anii, akkasumas Yesus Kiristoos akka Fayyisaa dhuunfaa isaanitti yeroo fudhatan argineerra.

193 Nuti ammas kan akka T. L. Osboorns, akkasumas kkf, kan ammayyuu hoolota Nyaachisan qabna. Obboleessi Osboorn Musiliimota gidduutti waan hin irraanfatame natti hin fakkaanne. Isaan waan baay'ee ol aantummaa qaban isaanitti fakkaata. Haa ta'u malee nuti ammayyuu Waaqayyo isa leenca, yeyyii jalaa hoolota oolchu danda'u qabna.

194 Isaan kana barreessuu fi beekuu danda'uu isaanii beekun koo anaaf gaarii ta'ee jira. Lakki, isaan akka na hin beeknetti yaadu; isaan deemanii akkasumas dugda isaanii naanneffatu, akkas jedhu, "Ah, guyyoonni sun darbaniiru."

195 Musiliimni akkas jedhee gaafate, "Darbaniiru moo? Yoos guutummaan Macaafa Qulqulluus darbeera. Hundi keessan dogoggortaniittu. Isin Nama tokko waaqeffachaa jirtu, Nama du'e tokko, akkasumas Maqaan Isaa Yesus jedhama ture. Akkasumas Inni du'eera, waggoota baay'ee dura, akkasumas waa'ee du'aa ka'uu Isaa waanti agarsiisu hin jiru."

196 Garuu isaan walgahii Darbaan irratti akkas jechuu hin dandeenye. Achitti Inni waan walfakkaataa ta'e Inni gochaa, isa isaaniif mirkaneesse. Amma illee kan—kan dhaabbileewwan amantaa dubbatti deebi'uu qabu, nama sana kan barreesse fi kan

natti hime barsiisa koo sana Macaafa Qulqulluudhaan akkansakatta'uuf, barruullee irratti barreessuu kan qabu isa ture. Waaqayyo akka isaan Isa galateeffatan godha, maalumaafuu, sana booda, kanas ta'u sanas. Sun sirrii dha. Inni akka Isa galateeffatan godha, maalumaafuu.

197 Nuti asitti waan xiqqoo argina, mucaa dubaraa dhukkubsattee as taa'aa jirtu. Mucaa keetii? Rakkoon ishee maali? [Obboleettiin akkas jetti, "Inni sammuu keessatti dhiigni dhangala'uu dha."—Gulaalaa.] Maammiin? ["Dhiigni sammuu."] Dhiiga sammuu. ["Ani siif barreesseen ture, waggoota hedduu dura, waa'ee dhiigni sammuu ishee dhangala'uu."]. Oo, eeyyee. ["Isheen amma dhukkubsateerti, waggaa arfan kana, ji'a Hagayyaa keessa dhukkubsatte."] Ji'a Hagayyaa keessa, waggaa afur. ["Obboleessi Neeviil ishee ilaaluuf gadi bu'ee ture."] Oo, Maareengoo irraayyuu, ykn bakka ta'e achii gadi? ["Paa'oolii."] Paa'oolii. Mucattiin ishee kanaa ree, sana booda? Waan tokkotu jira, haadha koo, mucattii oolchuu kan danda'u: sunis, Waaqayyo ishee beekuu. [Isheen fooyya'insa qabdi yeroo sana irra."] Ani sanaaf baay'ee gammadaa dha.

198 Obboleessa Neeviil, isheedhaaf kadhachuu gadi buuteettaa? [Obboleessi Neeviil, "Eeyyee, fira koo" jedhe.—Gulaalaa.] Erga Obboleessi Neeviil gadi bu'ee isheefis kadhatee kaasee, fooyyofteetti. Ammayyuu tiksoota hoolota sana Nyaachisuu beekan qabna.

199 Rakkoon kee maali, obboleettii jaallatamtuu, achi teessoo irra kan teessu, keetii? [Obboleettiin akkas jetti, "Kaansarii qabdi."—Gulaalaa.] Kaansarii dha.

200 Tole, tarii achi teessee, waan tokkon si gaafadha. As keessaa meeqatu. . .kaansarii irraa fayyee? Harka keessan ol kaasaa. As ilaali, obboleettii. ["Gurri ishee qabatamaan hin dhaga'u, waan ati jettus hin dhageessu."—Gulaalaa.]

201 Waaqayyo Fayyisaa dha. Nuti sana beekna. Achi deemee dhangala'uu dhiigaa mucattii irraa fuudhee akkan fayyisuu danda'u yoon isinitti hime, Dubartittii irraa kaansarii fuudhuu akkan danda'u, ykn, yoon isinitti hime nan dogoggora. Garuu waan tokko nan beeka, amaaketa tokkotu ture (kaansarii, dhiittoo, jaamummaa, fi duuni illee) Guyyaa tokko, hoolota Waaqayyoo qabee, anis humna Waaqayyoo qabadheen itti dhaqe, isas kukkuteen hoolota sanas deebiseen fide. Sun sirrii dha. Nutis har'a itti deemna, waan guddaa tokkoon miti, *akkasii-fi-akkasiin* miti. Ani furrisa kadhannaa salphaa fi xiqqoo sanaan nan dhufa. Inni ishee deebisee ni fida.

202 Obboleettii, sana ati ni amanta, mitii? Obboleettii koo, ati ni amanta, mitii? Meeqaa keessantu amma garaa keessaniin amana?

203 Amma yeroon kadhadhu mataa keessan gadi qabadhaa.

204 Abbaa jaalatamaa, shamarreen bareedduun tokko as ciifti, kana booda gonkumaa deemuu, ykn naanna'uu hin dandeessu, Ati yoo gargaarte malee. Diinni ishee qabateera. Doktora kamiinuu kan hin danda'amne dha. Hanga doktoriin waan tokkollee ishee guchuu hin dandeenyetti, diinni tasa gara hawwaatti fagoo ishee geesseera. Garuu isheen humna Keen ol miti, Gooftaa. Isheen bakka Ati harka Kee irra kaa'uu dandeessu irra jirti. Bu'uura Dubbii Waaqayyootiin, harka koo dubartii dargaggeettii kana irra nan kaa'a, dhangala'uu dhiiga sammuu kanaa nan ifadha. Maqaa Yesus Kiristoosiin, bakka dura nagaa turtetti fayyaatti deebisi. Isheen ulfina Waaqayyootiif jiraatti. Akkuma warri kaan ngaadhaan, waldaa kana dhufanii, seenanii akkuma ba'an, isheenis akkasuma fayyaa haa taatu, Waaqayyoof galata kennaa. Akkas haa ta'u, karaa Yesus Kiristoos.

205 Akkuma rifeensi ishee aarrii ta'aa jiru, yeroowwan muraasa keessatti, isheenis achi Lafa sana bakka dullumni hin jirretti deemuuf jirti, garuu dargaggeettii dha. Garuu namoonni isheen jaallattu, waan jaallataniif, achi taa'anii boo'aa jiru. Diinni guddaan ishee qabe fi doktorri akka bira hin geenyetti kan ishee fudhate, leenca kaansarii sodaataa dha. Waaqayyo, ani ishee hordofeen, dhufe. Ani ishee deebisuufan dhufe. Maqaa Kiristoos isa mu'atamneen, Isaaf kanan ambaasaaddara ta'eefiin, leenca kaansarii nan qala. Ishee inni haa dhiisu, haa fayyitus, bara baay'ees haa jiraattu, ammayyuu, ulfinaa fi kabajaa Waaqayyoo, karaa Yesus Kiristoos Gooftaa keenyaan.

206 Abbaa Waaqa irraa, amma, sun qofa waraana guddaadhaan miti, meeshaa waraanaa didibameen miti, afaanii fi jecha miidhagaa miti, garuu furrisa amantii xiqqoo, barame sanaani. Ani lubbuu kanaa, fi qaama kanaaf dhufeera diinni kaansariin ishee qabate doktoroonni kan bira hin geenye dha. Garuu ganama kana, isheef nan dhufa, Gooftaa, gara marga lalisaa fi bishaan aara galfiittan ishee deebisa. Maqaa Yesus isa injifatuun, Isaaf kanan ambaasaaddara ta'een. Amantii dhugaadhaan isheen deebitee ni dhufti, humna kadhannaa nuti goone kanaan, akka deebitu nan amana. Kanaaf inni haa ta'u. . .?. . .

207 (Tajaajilli cuuphaa akka jiru nan amana. Ni jiraa?) [Obboleessi Neeviil, "Eeyyee, fira koo. Lallabdoonni namoota cuuphaman kan qaban lama jiru." jedhe.—Gulaalaa.]

208 Yeroo tokko mataa keessan ol qabduu? Paastariin qofa natti himee ture. . .

209 Namoonni kun baay'ee, baay'ee dhukkubsatanii jiru. Isaan ni fayyu. Qofa. . .Inni rakkoo hin qabu. Kakuun Waaqayyo gonkumaa hin kufu. Nuti isaan hordofna.

210 Isaan tajaajila cuuphaa qabu. Namoonni dirqama deemuu qaban jiru. Galgala kana ammas tajaajila ni qabaanna.

211 Galgala kana namni dhufuu hin dandeenye as jiraa, nuyi amma akka kadhannuuf kan nu barbaadu, warri har'a galgala as dhufuu hin dandeenye? Amma gara kana koottaa, kan galgala dhufuu hin dandeenye. Yeroo dabalataa nan qabaadha; galgala kana, sarara kadhannaa uumaa. Isaan namoota kana cuuphuu danda'aniiru.

212 Mucaan dhiiraa sun achi jiraa? Tole. [Obboleessi akkas jedha, "Kana yoon siif kenne hoo?"—Gulaalaa.] Eeyyee, obboleessa. Hedduu, latoomi. Amma ykn booda xiqqoo dubbisuun ni danda'amaa? Galatoomi, fira koo.

213 Amma daqiiqaa tokko ykn lama naaf kennaa, nuti sana booda—tajaajila—cuuphaa ni qabaannaa. Isin hunduu sana ilaaluu akka barbaaddan nan beeka.

214 Warri ganama kana cuuphamuu barbaaddanis, tole, isin, dubartoonni uffatoota keessan jijjiirrachuuf karaa *kana* darbaa, warri dhiirotaas kallattii *kana* irraan deemaa. Namoota dhukkubsataniif anis osoon kadhachaa jiruu, sana booda isin tajaajila cuuphaadhaaf qophaa'aa jirtu ta'a. Akkasumas isaan sun. . .

215 Amma, har'a galgala, akkum isaan seenanitti, sarara—kadhannaa xiqqoo, galgala, geggeessuu nan yaala. Amma immoo Macaafa Efeesoon 1ffaa irraa jalqabna, galgala kana. Ammas isiniin as keessaa qabaachuu keenyatti baay'ee gammanna, waldaa deemtan hin qabdan yoo ta'e. Garuu isin yoo waldaa fi paastarii qabdu ta'e, achii—waldaa keessan jaalatamtuu deeggartan dhaqaa.

216 Isin yoo deemuu qabdu ta'e, yeroo kana deemtus yoo ta'e, Waaqayyo isin haa eebbisu. Yoo dandeessan ammas waliin turra. Isin argachuu keenyatti gammanna.

217 Akka siif kadhatamuu barbaaddee, atis, obboleessaa? Rakkoon kee maali? Dhiibbaa dhiigaa olka'aa.

218 Amma, kaan keessan, mataa keessan gadi qabadhaa, daqiiqaa tokko, kadhachuu barbaanna.

219 Abbaa, ani Sin galateeffadha, har'a, waa'ee furrisa xiqqaa tikseef, kadhannaa isa leencicha kuffise, hoolaan xiqqoon sunis isa irraa adda baatee, gara haadhaa fi abbaa isheettis deebite. Obboleessa keenyaaf nan kadhadha. Gooftaa, akkasuma, nagaan akka isa deebiftu Sin kadhadha. Dhiibbaan dhiigaa fi rakkooleen qaama isaa haa dhaabbatan. Ani isa duukaan bu'a, Gooftaa, Maqaa Yesus Kiristoosiin isa deebisi. Haa ta'u. Ameen.

Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa.

Yeroon gadi bu'u, mucaa xiqqaa, qaroo hin qabne tokko baatteen arge.

220 Waan biraa tokko kanin dubbadhu jira. Baay'ee. . .na dhukkubaa, ol na deebisaa ture. Anis nan yaade. . .yoo dandeessan, kun akka isin jala darbu hin barbaadu. Anis nan

yaade, “Waaqayyo, namni tokko alaa si barbaada yoo jedhame maalan kennaa? Haati manaa koo tarii, ‘Biilii, jaarsi tokko si arguuf as jira’ naan jetti ta’a.

221 “Kunoo xiqqoo turee, namicha mataan-moluu ta’e kan areeda isaa irraa aarrii qabu tokkotu dhufe. Inni ol seenee, akkas jedha, ‘Ati Obboleessa Biraanhaamii?’

“Anis, ‘Eeyyee, fira koo, Ana’ jedheen.

222 “‘Maqaan koo Simoon jedhama.’ Harka isaa ana irra kaa’e, daqiiqaa tokkoofis na ilaale. ‘Ati amanamaa dha, Obboleessa Biraanhaam,’ jedhe.

“‘Eeyyee.’

223 “‘Hunduu sirrii ta’a.’ Simoon Pheexiroos, kan Macaafa Qulqulluu. Akkam natti tole! Waan baay’ee dubbachuu hin qabu. Harka isaa qofa narra kaa’a, hunduu sirrii ta’a.”

224 Sana booda wanti naaf dhufe, gargaarsa Waaqayyoon, fi ayyaana Waaqayyoon, namoota kuma kudhaniin lakkaa’aman kan waanuma wal fakkaatu amanan jiru, ani osoon isaaniif dhufe. Anis nan yaade, “Yaa Gooftaa, kana booda, naman argadhu hunda akkan bira ga’u godhi. Na taasisi—qofa . . . ”

225 Ani akkasin yaade, “Simoon, ykn Phaawuloos, keessaa tokko, akkas yoo jedhe, ‘Ati Obboleessa Biraanhaamii?’

“‘Eeyyee.’

226 “Harka isaanii narra kaa’anii, anas ilaalanii, akkas jedhan, ‘Tole, Obboleessa Biraanhaam,’ qofa ba’aa.

227 “Ani nan fayya. Ani nagaan ta’a. Dhugaa. Akkasin jedhe . . . Gurbaa, ijan jabaadha ture yeroo sana. Akkasin jedhe, ‘Ani nan fayya.’” Eeyyee, fira koo.

228 Har’as namoonni waan wal fakkaataa ta’e amanu. Wanti ani gara keessan dhufuuf kanuma, harka koo isin irra kaa’ee, Waaqayyoo gaafachuufi.

229 Obboleettii, daqiiqaa tokko qofa, mucaa xiqqaa kana wajjin deemuun barbaada. Xiqqaa, mucaa jaamaa dha. Erga jaamee hangamii? [Obboleettiin akkas jetti, “Dhaloota irraa kaasee.”—Gulaalaa.] Dhaloota irraa kaasee.

230 Akkami, mucaa xiqqaa! Oo, ati baay’ee gaarii dha, mucaa xiqqaa . . .? . . .

231 Yaa Waaqayyo arjaa! Mucaan xiqqaa kun yoo dhalatu, doktorootaan ol ta’ee, qaroo dhabeessa ta’ee dhalate. mucaa xiqqaan, bareedaa jaallatamaan kun; arguu hin danda’u. Diinnis, osoo mucaan sun jireenya keessatti carraa hin argatin dura, diinni humna doktoraan ol butee fudhateera. Kanaaf, ganama kana, yaa Gooftaa, ani isa duukaan bu’a. Furrisa kadhannaa salphaa, fi xiqqoo kana. Waaqayyo, mee isa naaf deebisi. Diinicha seexana, ittan deema, Maqaa Yesus Kiristoosiin, anis mucaa kana Waaqayyoof nan dhiyeessa. Ija

isaa nan gaafa dha, Waaqayyoof, waan Seexanni isa irraa fudhate deebisee isaaf kennuufi. Inni ija haa qabaatu. Maqaa Yesus Kiristoosiin, ni ta'a. Amma, haa ta'u.

232 Amma, obboleetttii, jaallatamtuu, amma, mucaan xiqqaan kun akka nagaa ta'u shakkii tokkollee hin qabnu. Gara waldaatti, deebiftee akka fiddu, arguu danda'eera akka jettu, namootatti akka agarsiiftu, amma, hin gootuu?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, agartuu isaa deebisi...?...

233 Yaa Googtaa Yesus, Mucaa xiqqoo...Kanaaf kadhannaa baay'ee dhiyeessine! Garuu, ganama kana, furrisa xiqqoo Ati naaf kennite kana fudhadhee, ani Maqaa Yesus Kiristoosiin nan dhufa. Gooftaa, akkan afaan kaansarii keessaa...baasu, Humna Keetiin, Ati immoo kana na gargaarteetta, namoota du'aa keessaa baasan, warra du'an erga du'aniiru jedhamee labsamee booda kaasan, erga goganii qorranii booda. Maqaa Yesus Kiristoosiin, diina kana nan hordofa. Kanaaf fayyaa gaariitti ishee deebisi, yaa Gooftaa. Nuuf kenni. Kanaaf ulfina Waaqaatiif, haa ta'u.

234 Isaaf immoo kadhachuu qabduu? [Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.] Ati amanaadhaa? ["Eeyyee."] Gooftaa, furrisa xiqqoo kana kessatti, ishee nan fida. Maqaa Yesus Kiristoosiin, gadi ishee haa lakkisu lammatas hin deebi'in.

235 [Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.] Tole, Obboleessa Harlii, mucayyoo xiqqoo keetii fi ofii keetiif kan fidde, furrifni sun wal fakkaataa dha.

236 Amma, yaa Abbaa Waaqa irraa, diina duukaa nan dhufa, furrisa xiqqoo Ati naaf kennite fayyadamee, sababni isaas Ati akkas jette, "Namoonni akka amanan yoo goote, garaa quulluudhaanis yoo kadhatte," dhagaa xiqqoon sun gara bakka ajjechaa deema. Yaa Gooftaa, akkuman gara gaaffii isheetti erge, amma haa deemu. Maqaa Yesus Kiristoosiin, haa ta'u. Ameen.

237 [Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.] Tole, obboleettii. Amma...Narviin humna doktorootaa bira darbee jira. Isaan waan si tasgabbeessu siif kennuu danda'u, garuu sana booda, caalaatti sitti hammeessa. Eeyyee. Amma ilaalaa. Ganama kana, hordofaa jirra. Baanee; si deebisna. [Teeppii irratti bakka duwwaa.]

238 Yaa Yesus,...[Teeppii irratti bakka duuwwaa—Gulaalaa.]...dhagaa xiqqoo shanii, f-a-i-t-h, fi furrisa kadhannaa. Obboleettii koo immoo haguuggii dhiphinaa sana irraa deebisaan jira...?...achi irraa. Ishee gara nagaa fi bakka aara galfiitti bishaan aara galfiittis deebisaan jira. Kanas Maqaa Yesus Kiristoosiin nan godha. Ameen.

[Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.]

239 Waaqayyo Abbaa, mucayyoon xiqqoon kun, maskular daayistiroofii waan hin taaneef gammanneerra. Garuu inni waan fedhe haa ta'u, yaa Gooftaa, ammas harka Kee keessa jira. Anis furrisa amantii xiqqoo kanaa, fi dhagaa kanaan nan dhufa. Humnan dhagaa kana ittiin darbachuu danda'u hundumaa nan dabala. Maqaa Yesus Kiristoosiin, bakka sana haa rukutu. Obboleettiin keenya fayyitu. Kanas Maqaa Yesus Kiristoosin nan godha.

[Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.]

240 Akkuma haadha dargaggeettii kanaa, mucaa ishee xiqqaas, daa'ima xiqqoo gama fagoo sanatti arguu feetu, gama biraatiin, Biyya ulfina qabeessa kan ani amma dubbadhe sana keessatti, isaanis. . . Haati ijoollee xiqqoo kana. . . guddisuuf hin jiraattu, Gargaarsa Kee malee inni xiqqaan kun yeroo dheeraa jiraachuu hin danda'u. Garuu ani furrisa sanaan, humna sana hundaan kaayyoo diina kan harkaa fuudhuu danda'u sanaan dhufaan jira. Maqaa Yesus Kiristoosiinis, isa irratti furriseera, Ulfina Waaqayyoof, isaan nagaa ta'u. Maqaa Yesusiin. Ameen.

[Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.]

241 Oo, sun baay'ee gaarii dha. Ani gammadeera. Tole, tajaajilli sun, ergasii, tajaajila namoota agarsiisu isa guddaa ture. Gara hojiiwwanitti agarsiiseera. . .?. . .

242 Yaa Abbaa keenya Waaqa irraa, Seexanni haadha hiyyeettii kana harka doktorootaa achi jiran irraa fageesse. Isaan furrisa qorichaa qofa darbachuu danda'u, yaa Gooftaa, sun naannoo ishee miidhuu qofa, naannoo, waan baa'eedhaan akka of wallaaltu godha. Sana boodas yoo dammaqxu, caalaatti isheetti hammaata. Garuu ani furrisa amantii kanaan, dhagaa tokkon, kallattii xiyyeeffadhee, galma sana sirriitti rukuuf dhufaan jira. Ulfina Waaqayyoof, Maqaa Yesus Kiristoosiin, dhiphina kana ishee irraa nan fuudha. Ameen.

[Namni tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbata—Gulaalaa.]

243 Waaqayyo jaallatamaa, Obboleessi Joorji as ciisuun, yeroo dhiyootti, du'uuf jira, waan amantiin isaaf godhe argeera. Amma dhukkuba ruumaatiizimii qaba, Gooftaa. Isaan kortisoonii akka kennaniif hubanneerra, waan dhukkubbii isaa sana sulphisuu danda'u, garuu dhukkubbii irraa hin fuudhu. Kanaaf kadhannaa kana kaayyeffannee kadhanna, Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ruumatizimiin haa deemu. Inni manatti deebi'ee haa fayyu.

Galatoomi, obboleessa.

244 Akkam jirta, diir? [Obboleettiin tokko Obboleessa Biraanhaam faana dubbatti—Gulaalaa.] Oo, maay! Dhageettii

dadhabuu. Gonkumaa hin dhageessuu? Uh-huh. Qofa hubannaa namaan oli! Gooftaa Yesusitti amantaa? [“Ameen.”] Guyyoota kana keessaa tokko, dubartii bareedduu tokko Achitti nan arga. Bara baraan deebitee dargaggeettii taata. Ulfina Isaaf ammas akka jiraattu nan beeka. Gara duraatti deebita . . .

245 [Obboleettiin tokko akkas jetti, “Lakki, ani ilma kootiifan gaddaa jira.”—Gulaalaa.] Ilmi kee. [“Erga badee waggaa lamaa ol badeera.”] Argachuu hin dandeessu? [“Inni harka Waaqayyoo keessa jira.”] Oo, inni—inni deemeraa? [“Uh-huh. Sulula du’aa keessa.”] Oo, sana. [“Gaddi koos.”] Gaddaan-liqimfamteetta. Eeyyee. [“Ani gaddaan . . . Ani gaddaan-liqimfameera. Yoo fedha Waaqayyoo ta’e immoo, akka Inni na fudhatu nan barbaada, akkanatti natti dhaga’ama. Gammachuu Isa caalu hin qabu.”]

246 Obboleettii diir, bakka miirri gaariin sitti dhaga’amu akka geessun barbaada. Isheen mul’aticha dhageessee, ganama kana? [Obboleettiin biraa akkas jetti, “Isheen sirriitti dhaga’uu dandeessi.”—Gulaalaa.] Tole, ati itti himi.

247 Tole, isheen waan uumame sitti himti jirti. Asitti hafuura kee bira darbee, mucaan jaalatamaan sun si eegaa jira. Atis akkuma isaa dargaggeessa ni taata. Jaalala, jaalala qofa . . . [Obboleettiin akkas jette, “Ani turuu hin barbaadu. Gara isaa deemun barbaada, yoo fedha Waaqayyoo ta’e.”—Gulaalaa.]

248 Yaa Jaalatamaa Abbaa Waaqa irraa, fiigichi jireenyaa xumurameera. Wanti hafe baay’een hin jiru. Mucaan ishee inni jaalatamaan, laga gama kan jiru, duubatti deebi’ee osoo ilaalee, akkas jedha ture, “Guyyoota muraasa qofa.” Isheen bidiricha eegaa jirti, Gooftaa, sun karaa duumessichaan, gara Biyya ulfinaatti ishee geessa. Ishee eebbisi, Abbaa, laphee ishees jajjabeessi. Qofa laga gamatti, sun tokkummaa guddaa haa ta’u.

60-0515M Mooticha Jibbame
Dunkaana Biraanhaam
Jeefarsanviil, Indiyaanaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS

P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.

www.branham.org